# XIINXALA ITTI FAYYADAMA AFAANII ASOOSAMA MATADUREEN ISAA DUKKANA BARII JALAA KEESSAA

TAKILUU ASIRAAT

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI QUUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA
JOORNAALIZIMIIF QUUNNAMTII
YUUNIVARSITII FINFINNEE

FULBAANA 2014/ 2021
FINFINNEE

# XIINXALA ITTI FAYYADAMA AFAANII ASOOSAMA MATADUREEN ISAA DUKKANA BARII JALAA KEESSAA

TAKILUU ASIRAAT

GORSAAN: ADDUNYAA BARKEESSAA (PHD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI QUUNNAMTIIN GAMIISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKLOORII
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA JOORNAALIZIMIIF QUUNNAMTII
YUUNIVARSITII FINFINNEE

FULBAANA 2014/ 2021
FINFINNEE

# Galata

Hunda dura bu'aa bahii jireenyaa hedduu keessa na dabarsee kan asiin na gahe waqayyoo maqaan isaa bara baraan haa eebbifamu. Qorannaan kun jalqaba hanga xumuratti akka geggeeffamuuf yeroo isaanii naaf kennuun nuffii tokkoo malee yaadaan na deggeeruu fi gorsa naaf laachuun kan na waliin turaan gorsa koo Dr.Addunyaa Barkeessaa guddaan galatteeffadha.

Ittii aansuudhaan akkan qorannoo kana adeemsiisuuf aarsaa naaf kaffaluun jalqaba hanga dhumaatti wanta na barbachisu hunda naaf guutuudhan kan asiin na gahan maatii koof waaqayyoo nama gatii isaanii baasuu nan haa taasisu. Keessumattu abbaa koo Obboo Asiraat Ittafaa fi hadhaa koo Addee Anbisee Saaqqataa waqayyoo umurii keessaan naaf haa dheereessuu jechuun barbaada. Akkaasumaas obboloota koo maraaf galaanii ani qabu guddaadha.

## Axerera

*Kaayyoon qorannoo kanaa xiinxala akkaataa itti fayyadama afaanii Asoosama Dukkana Barii Jalaa irratti kan xiyyeeffatudha. Qorannoon kunis gaaffilee bu'uraa kanneen akka, qabiyyee itti fayyadama afaanii asoosama dukkana barii jalaa keessaa ibsuu, asoosama dukkana barii jalaa jedhu keessatti itti fayyadamni afaanii akkamii akka mul'atu addeessuudha. Qorannoo kana galmaan ga'uuf saxaxa akkamtaa giddu galeessa godhachuun kan adeemsifamedha. Malli iddatteessuu qorannoo kanaaf dhimma itti ba'ame mala iddatteessuu miti carraadha. Odeeffannoowwan asoosama 'Dukkana Barii Jalaa' keessaa fudhataman carraadhaan osoo hintaane, kaayyoo qorannichaa waliin kan deemanii fi amma argamuu danda'an irratti hunda'anidha. Maddi ragaa qorannooo kanaa madda ragaa tokkoffaadha. Maddi ragaan qorannoo kanaaf dhimmaa itti ba'ames, kitaaba asoosamaa dukkana barii jalaa jalqabaa hanga dhumaatti dubbisuun itti fayyadamai afaanii isaa irratti kan geggeeffamedha. Meeshaan funaansa ragaalee qorannoo kanaaf dhimma itti ba'e sakatta'a dookimentiidha. Ragaalee meeshaa kanaan walitti qabamaniin, goolabni dhumarratti kan dhiyaate yammuu ta'u; akka odeeffannoon qorannoo kanarraa argame ibsutti asoosama 'Dukkana Barii Jalaa' jedhu keessatti rakkooleen gama itti fayyadama jechoota ergisaan, jechoota loogaa fi gama dogoggora qubeessuun kan mul'atu ta'usaa ibsa. Osoo jechoonni waaltawaan jiruu jechoota loogaa fayyadamuu fi osoo afaan oromoo keessaa jechi bakka bu'uu danda'u jiruu afaan biraa irraa ergifachuun kan mul'atudha. Walumaa galatti yaadni furmaata bal'inaan dhumarratti ka'ame, barreessitoonni ogbarruu barreessuuf fedhii fi kaka'umsa qaban dhimma itti fayyadama afaanii irratti looga beekamtiin isaa bakka muraasatti ta'ee fi jechoota ergisaa hin barbaachifne osoo fayyadamuu dhiisanii gaariidha.*

# Baafata

Qabiyyee fuula

Galata ........................................ i

Axerera ........................................ ii

Baafata ........................................ iii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........................................ 1

1.1. Ariirrata Qorannichaa ........................................ 1

1.2 ka’umsa qorannichaa ........................................ 3

1.3. Kaayyoo qorannichaa ........................................ 4

1.4. Barbaachisummaa qorannichaa ........................................ 4

1.5. Daangaa Qorannichaa ........................................ 4

1.6. Hanqina Qorannichaa ........................................ 5

BOQONNAA LAMA : SAKATTA’A BARRUU ........................................ 6

2.1. Maalummaa ogbarruu ........................................ 6

2.2. Faayidaa Ogbarruu ........................................ 7

2.3. Asoosama ........................................ 7

2.4. Maalummaa Afaanii ........................................ 7

2.5. Itti Fayyadama Afaanii ........................................ 9

2.5.1 Fayyadama Dhaamjechaa ........................................ 12

2.5.2.Itti Fayyadama Jechootaa ........................................ 13

2.5.2.1. Jechoota Tishoo ........................................ 13

2.5.2.2 Jechoota Ergisaa ........................................ 13

2.5.2.3 Walfakkii Jechootaa ........................................ 14

2.5.2.4 Jechoota Faallaa ........................................ 15

2.5.2.5 Jechoota Loogaa ........................................ 15

2.6. Malleen Dubbii ........................................ 16

2.7. Gosoota Malleen Dubbii ........ 17
2.7.1. Akkasaa ........ 17
2.7.2. Iddeessaa /Bakkasaa ........ 18
2.7.3. Nameessa ........ 18
2.7.4. Arbeessuu ........ 19
2.7.5. Fakkoommii ........ 19
2.7.6. Sob dhugaa /Eemitii ........ 20
2.7.7. Wal Qabsiisa ........ 20
2.8. Mammaaksa ........ 21
2.9. Sakatta'a barruu Wal fakkii ........ 21
BOQONNAA SADII: SAXAXAAF MALA QORANNOO ........ 23
3.1 Saxaxaaf malawwan qorannichaa ........ 23
3.2. Saxaxa Qorannichaa ........ 23
3.3. Madda Ragaalee ........ 23
3.4. Meeshaa Funaansa ragaalee ........ 23
3.4.1. Sakatta'a dookimentii ........ 24
3.5. Mala iddatteessuu ........ 24
3.6. Mala Xiinxala ragaalee ........ 24
BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAA FI XIINXALA RAGAALEE ........ 25
4.1. Xiinxala itti fayyadama afaanii asoosama "Dukkana Barii Jalaa" keessatti ........ 25
4.2. Itti fayyadama dhaamjechaa ........ 25
4.2.1. dhaamjecha hortee ........ 25
4.2.1.1.Dhaamjecha hortee lakkoofsaa ........ 25
4.2.1.2. Dhaamjechoota maayii(matimaa) ........ 26
4.2.1.3. Dhaamjechoota hortee murteessituu ........ 27
4.2.1.4. Dhaamjechoota hortee koorniyaa ........ 28
4.2.1.5. Dhaamjechoota hortee xiyyeeffannoo ........ 29

4.3. Dhaamjecha uumamtee ........................................................ 31
4.3.1 Maqaa qabatamaa irraa maqaa dhokataa uumuu ........................................................ 31
4.4. Fayyadama Jechootaa ........................................................ 31
4.4.1. Fayyadama jechoota Tishoo ........................................................ 32
4.4.2. Fayyadama jechoota faallaa ........................................................ 33
4.4.3. Fayyadama Jechoota ergisaa ........................................................ 34
4.4.4. Fayyadama Jechoota loogaa ........................................................ 37
4.5. Fayyadama Malleen dubbii ........................................................ 39
4.5.1. Fayyadama Akkasaa ........................................................ 39
4.5.2. Fayyadama Arbeessuu ........................................................ 41
4.5.3. Fayyadama Bakkasaa ........................................................ 42
4.5.6. Fayyadama Nameessuu ........................................................ 43
4.5.7. Fayyadama Sobdhugaa/Eemiti ........................................................ 44
4.6. Fayyadama mammaaksaa ........................................................ 46
4.7. Jechoota dogoggora qubeessuu qaban ........................................................ 48
BOQONNAA SHAN ........................................................ 50
Cuunfaa, Goolabaa fi Yaada furmaataa ........................................................ 50
5.1. Cuunfaa ........................................................ 50
5.2. Goolaba ........................................................ 51
5.3. Yaada furmaataa ........................................................ 51
Wabiilee
Dabalee A
Dabalee B

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Ogbarruun seenaa ilmaan namaa keessatti ogummaa waggoota dheeraaf ture ta'uu isaatiin yaadni hedduun kan irratti kennamee fi qorannoon adda addaa kan irratti geggeeffameedha. Ogbarruun jiruu fi jireenyi hawaasa tokkoo kan ittiin ibsamuudha. Dhalli namaa jireenya isaa keessatti wanta inni raawwatu akkasumas aadaan isaa ogbarruu keessatti ibsama. Kanuma ilaalchisee Fedhesaa (2019) asafaa (2009) wabeeffachuun akka ibsetti "ogbarruun galmee jiruu fi jireenya ilmoo namaa kan namoota hubannoo, beekumsa, muuxannoo fi sadarkaa adda addaa qabaniiti. Baattuu aadaa saba tokkootis"( Fedhesaa, 2019:92). Akka yaada kana irraa hubannutti, jiruu fi jireenya ilmaan namaa kan inni keessatti ibsamu ogbarruu keessattidha. Ogbarruun wanta dhalli namaa tokko raawwatu akka galmeetti qabee kan kaa'uu fi aadaan saba tokkoos karaa ogbarruu ifatti ba'ee kan mul'atu ta'uu isaa irraa hubanna. Yaada kana (Zarihun,1996:3) yammuu ibsu,

> Ogbarruun dabarsa aadaa uummataa kan muuxannoo jireenyaa bifa adda addaa qabdu keessatti argama namaa nu hubachiisa, oguma dhugummaa muuxannoo keenya sana miidhagsinee uumnee ittiin ibsinu ibsa yaada uummataa isa olaanaa fi isa dhumaa jechootaan ka'amu kan durii jalqabee guddachaa dhufedha jedha.

Akka yaada armaan olii kanarraa hubannutti ogbarruun aadaa ummataa kan bifa dubbiin ture gara barreeffamaatti fidee kaa'uudhaan gara dhaloota dhufuutti darbee akka tajaajilu kan godhu ta'uu isaa nu hubachiisa. Ogbarruun muuxannoo jireenya dhala namaa kan bifa adda addaa qabu, kan gochaan dhalli namaa raawwatu barreeffamaan miidhagsee kan dhiyeessu ta'uu isaa fi ogbarruun kun umurii dheeraa kan qabu ta'uu isaa irraa hubanna. Ogbaruun jiruu fi jireenya hawaasa tokkoo bu'aa ba'ii jireenyaa keessatti hawaasicha mudatan gaariis haata'u gadhee, ciminas haa ta'u dadhabina, akkasumas qaroomina galmeessee kaa'uun dhaloota itti aanuuf kan dabarsudha. Kanarratti Wasanee (2008) akka ibsetti, "ogbarruun adaa uummata tokkoo dhalootaa dhalootatti kan dabarsuu fi beekumsa namoota durii dhaloota itti aanutti kan dabarsu darbaa dabarsa duudhaa, amantii fi falaasama haala jiruu fi jireenya hawaasichaati" jedha. Ogbarruun daawwitii hawaasa tokkooti; kan hawaasni keessatti of ilaaludha. Akkasumas calaqqisiistuu eenyummaati. Hawaasni tokko maal akka isaaf raawwatamee fi isa irratti raawwatame deebisee dhalootatti kan himu ogbarruudhaan. dhaloonni irraa seenaa yaadata, maalummaa dhaloota darbee ogbarruu irraa hubata. Kanumaan kan walqabatu Misgaanuu(2012:8) yammuu ibsu

“ogbarruunbu’aa ba’ii hawaasni tokko keessa darbe galmeessee ka’a” jedha. Kanaaf, ogbarruun ibsituu fi yaadachiiftuu seenaa darbee waan ta’eef dawwitiidha. Daawwitii sabni tokko keessatti of ilaaluun kan gaarii ta’etti gammaduun kan badaa ta’etti immoo itti gadduun dhaabbatee keessatti kan of ilaaludha.

Ogbarruun bakka afuritti qoodama.Isaanis: Asoosama, Diraamaa, Walaloo fi Al asoosama. Asoosamni argaa yaada barreessaan kalaqamee suuraa jireenya dhala namaa addunyaa keessatti kaasee kan mul’isudha. Mudannoo fi muuxannoo hawaasni tokko haala jiruu fi jireenya keessatti argu mul’isuuf, sammuu barreessaa keessatti kalaqamee waraqaarratti kan mul’atudha. Dubbistoonni akka isaan muuxannoo isaanii keessatti ilaalan kan taasisudha. Kanaafuu asoosamni jiruu fi jireenya dhala namaa calaqqissisa. Sanatus dubbisaa onnachiisa. Sababni isaa namoonni yeroo asoosama dubbisan taatee addunyaa kana keessatti ta’e jireenya isaaniin walqabsiisanii ilaalu waan ta’eef asoosamni baayyee kan miira namaa hawwatuu fi muuxannoo jireenyaa hedduu irraa barannuudha.

Asoosama tokko keessatti itti fayyadamni afaanii baayyee barbaachisaa fi murteessadha. Asoosama keessatti fayyadamni afaanii barreessaan assoosanmichaa dhimma itti ba’e ga’umsa kan qabu ta’uu qaba. Fayyadama afaanii jechuun seera xiinqooqa afaanii keessatti haala hojiirra oolmaa xiinsagaa, xiinjecha, xiinhima, xiinhiikaa fi loogawwan garaagaraa hawaasa tokko keessatti hubatamanidha. Seera itti fayyadama afaanii keessatti waan ibsuu barbaadame maalitti dhimma ba’amanii akka ibsaman kan ifa taasisuudha. Jiruu fi jireenya hawaasummaa keessatti dhimmi tokko yoo ibsamu afaan itti fayyadaman garaagara ta’uu danda’a. Kunis haala waamichaa yookiin moggaasa waan tokkoo keessatti afaan itti fayyadaman jiraachuu danda’a.Kun immoo akka walii galaatti fayyadama afaanii jedhama. Afaanonni Addunyaarraa heedduu isaaniitu jira. Afaanonni kun heedduun isaanii seera mataa isaanii fi caasaa hordofanii deeman qabu. Afaan Oromoos akkuma afaanota biroo seeraa fi caasaa hordofee deemu ni qaba. Afaan Oromoo erga barreeffamuu jalqabee yeroo dhiyoo ta’ullee ogbarruun heedduun ittiin barra’aniiru. Afaan barreeffamaa haa ta’u malee ogbarruuwwan barreeffaman yeroo ilaallu hanqinoota adda addatu keessatti mul’ata. Yaada kana ilaalchisee WIIRTUU J.5ffaa keessatti akka ibsametti:

> Afaan oromoo afaan barreeffamaa fi afaan hojii erga ta'ee yeroo gabaabaa ta'ullee guddinni yeroo xiqqoo kana keessatti irra ga'e guddina fi cimina ilmaan oromoo kan mul'ise ta'uun isaa waan qormaata barbaachisu miti. Haa ta'u malee caalaatti akka dagaagu gochuuf dogoggora mul'achuu danda'anii fi hanga ammaatti mul'atan hanbisuuf ciminaan socho'uun barbaachisaadha. (W.jiildii 5ffaa :1992:45)

Akka yaada kanaatti afaan oromoo afaan barreeffamaa ta'ullee barruulee barra'an dogoggora xiinqooqaan wal qabatan adda addaa irraa hafuu hin dandeenye.Yeroo hammaa kana asoosamoonni heedduun afaan oromoon barreeffamanii jiru. Asoosamoota kanas gama itti fayyadama afaanii duratti kaasneen yoo ilaalle, rakkoo tokko tokkorraa bilisa jechuun nama rakkisa. Fayyadama afaanii ilaalchisees hanqinoota jiran qoratanii dhiyeessuun immoo guddina barreeffamoota afaan oromoo gama kanaan jiru cimsa. Afaan oromoon asoosamoota barreeffaman keessaa asoosamni "DUKKANA BARII JALAA" isa tokkodha. Haaluma kanaan kaayyoon qorannoo kanaa asoosama "DUKKANA BARII JALAA"keessatti fayyadama afaanii ilaalchisee dhimmoottan jiran ilaaluun galma qorannoo kanaati. Kunis hanqinoota jiran mul'isuu fi furmaata barbaachisaa ta'e barbaaduun xiyyeeffannoo qorannoo kanaati.

### 1.2 ka'umsa qorannichaa

Akkuma Seenduubee qorannoo kanaa keessatti ilaalle Fayyadama afaanii ilaalchisee hanqinootni seerluugaa barruulee fi kitaabota maxxanfaman keessatti heeddumminaan ni mul'atu. Dabalees namoonni kitaaba afaan kanaan maxxansaa turan akka fedhii isaanitti gama fayyadama afaaniin hubannoo osoo hin qabaatin dogoggora hedduu waliin maxxansaa turaniiru. Kun ammoo afaan oromoo rakkoof saaxileera. Rakkoon kun fuulduratti gadi xiqqaachuun afaanichi akka jalaa ba'uuf ammo qorannoo afaanicha irratti geggeessuun barbaachisaa ta'a. Kanaaf qorannoon kun gama fayyadama afaaniin hanqinoota jiran baasee kan mul'isuu fi cimina jiru immoo kan jajjabeessuuf geggeeffamedha. Namoonni kunneenis hubannoo gama kanaan qaban fooyyeffachuun rakkoon fayyadama afaanii akka irraa hin mul'annee fi akka irraa baraaramaniif kan qoratamedha. Qorannoon kun yeroo hojjetamee xumuramu gaaffilee armaan gadii ni deebisa.

- Asoosama mata dureen isaa 'Dukkana Barii Jalaa' jedhu keessatti itti fayyadama afaanii akkamiitu mul'ata?
- Qabiyyeen itti fayyadama afaanii asoosama mataduren isaa "dukkana barii jalaa" jedhu keessaa maali?

### 1.3. Kaayyoo qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa itti fayyadama afaanii asoosama "DUKKANA BARII JALAA"jedhu keessaa xiinxaluudha. Kaayyoowwan gooreen ammoo akka armaan gadiitti ta'a.

- ❖ Haala fayyadama jechoota tishoo ibsuu
- ❖ Asoosama Dukkana Barii Jalaa jedhu keessatti itti fayyadamni afaanii akkamii akka mul'atu addeessuu
- ❖ Qabiyyeeitti fayyadama afaanii asoosama "dukkana barii jalaa"jedhu ibsuu

### 1.4. Barbaachisummaa qorannichaa

Qorannoon kun faayidaa hedduu qabaachuu danda'a. Qorannoon tokko yeroo geggeeffamu gaaffilee fi rakkoolee adda addaaf furmaata ta'uu danda'a. kanuma irraa ka'uun qorannoon kun yeroo geggeeffamu bu'aawwan armaan gadii kana qabaachuu danda'a.

- ✓ Dhaabbileen barnootaa mootummaa fi miti mootummaa itti fayyadamoo ta'uu danda'u.
- ✓ Namoota hojii barreeffama asoosamaa fi kan biroo irratti babba'anii fi bobba'uuf fedhaniif, fayyadama afaanii irratti karaa agarsiisuuf ni tajaajila.
- ✓ Gara fuulduraatti barreeffamni gama itti fayyadama afaaniitiin ga'umsa qabu akka mul'atu taasisa.
- ✓ Rakkoowwan gama fayyadama afaanitiin kitaaba asoosamaa kana keessatti mul'atan addan baasee akkaataa isaan ittin sirreeffatan agarsiisuun,rakkoon kun akka itti hin fufne gochuu danda'a.
- ✓ Barattootaa fi barsiisota kanaan booda qorannoo kanaan wal fakkatu adeemsisaniif ni fayyada.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun itti fayyadama afaanii dubbii keessa osoo hin taane itti fayyadama afaanii barreeffama keessaa irratti daangeffama. Fayyadamni afaanii barreeffama keessatti wantoota seera xiin qooqaa keessa jiran mara haammata. Xiinqooqni immoo yaadrimeen isaaa bal'aa waan ta'eef, yeroo tokko keessatti qorachuun gama yeroonis ta'e, mallaqaan hin danda'amu.

Sababa kanaaf mata duree kana daangessuunis barbaachisaadha. Dabalataanis, afaan barreeffamoota kam keessattiyyuu bu'uura. Asoosamni afaan oromoos heedduudha. Al tokkotti fayyadama afaan isaanii sakatta'uun xiinxaluun waan hin danda'amneef qorataan mata duree isaa "xiinxala fayyadama afaanii asoosama dukkana barii jalaa" irratti akka daangessu dirqameera.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoo adeemsifamu keessatti hanqinoonni nama mudatan heedduudha. Qorannoo kana adeemsisuu keessatti hanqinoonni qoraticha mudatan ni jiru. Isaanis kitaabileen mata duree kanaan walitti dhufeenya qaban baay'inaan argamuu dhabuu, yeroo barnootaan walirra bu'uun yeroon ga'aa ta'e dhabamuunfa'a akka hanqinaatti ka'u.

# BOQONNAA LAMA : SAKATTA’A BARRUU

## 2.1. Maalummaa ogbarruu

Maalummaa ogbarruu ilaalchisee hiika garaagaraatu hayyoota garaagaraan itti kennamee ture. Sababni garaagarummaa kanaa immoo namoonni ogbarruuf hiika kennaa turan akka yaada isaanitti hiikuu fi ogbarruu addunyaa kanaa hunda akka kan isaanitti ilaalanii hiika itti laachuu isaanii irraa kan maddedha. Yaada kanaan kan walqabatu Fedhesaa (2019:6) irratti yammuu ibsu, “Hayyoonni warra lixaa hiika ogbarruu irratti ilaalcha adda adddaa qabu turan. Ilaalcha isaanii kanarraa ka’aniis hiika wal hin fakkanne ogbarruuf kennan. Hiikni isaan kennan garuu qeeqa jalaa bahuu hin dandeenye”jedha.

Yaada kanarraa kan nuti hubannutti hiikni warri lixaa ogbarruuf kennan ga’umsa kan hin qabne ta’uu isaa fi hiikni isaan kennan kun garaagarummaa kan qabu ta’uu isaa irraa hubanna. Kana malees warri lixaa ogbarruu akka kan isaanii duwwaatti ilaaluun ogbarruun wanta barreeffamaan jiru qofaa bakka buusaa turan. Kun immoo gara afiriikaatti yoo dhufne hanqina kan qabu ta’uu isaati. Sababni isaa warri awurooppaa wanta hundumaa barreessanii ka’atu; gara afiriikaatti yoo dhufne immoo wantoonni heedduun bifa afoolaan jiru malee barreeffamanii hin jiran. Ogbarruun waa’ee namaa ta’ee namootaan qindaa’ee namootumaaf kan dhiyaatutudha. Ogbarruun waa’ee namaa ta’uu isaa hayyoonni dirreewwan qorannoo adda adda keessatti argaman ogbarruuf hiika kallattii adda addaan akka kennan isaan taasiseera. Hayyuleen ogbarruu mataa isaaniin akka isaaniif mijatetti hiika kennaa kan turanidha. Kana jechuun hayyoonni yaada walii fudhachuuf qophii ta’uu dhabuudhaan walqabata. Fedhesaa (2019:6) irratti yammuu ibsu “sababni hayyoonni warri dhimma ogbarruuf hiika wal fakkataa kennuu dadhabaniif ogbarruun jiruuf jireenya dhala namaa wajjin  cimsee wal qabata. Jiruun dhala namaa immoo yeroo gara yerootti jijjiirama. Sana duuka ilaalchi beektonni ogbarruuf qabanis jijjiramaa dhufe” jechuun ibsa. Yaada kanarraa kan hubatamu, ogbarruun jiruuf jireenya dhala namaan waan wal qabate hunda waan ibsuuf, ogbarruuf kana jechuun hiika wal fakkaatu kennuufiin akka hin dandaa’aamnedha. Kanaafuu hayyoonni hiika wal fakkataa dhabuu ogbarruu ibsanii kan dhiisan osoo hin taane waan itti fakkaatee fi akka hubannoo isaanitti waan jedhan qabu. Fedhesaa(2019:10) irratti Asafaa 2009 wabeeffachuun waa’ee ogbarruu yammuu ibsu, “ogbarruun kalaqa sammuu ta’ee, jechoota filatamaadhaan yaada barbaade afaaninis ta’e barreeeffamaan mi’eessee miidhaksee kan dabarsudha. kanaafuu waan barreeffamus waan

himamus ni dabalata" jedha. Yaada barreessaa kanarraa wanti hubatamu kan afaaninis ta'e barreeffamaan yaada barbaadan dabarfatan ogbarruu jedhama yaada jedhu of keessaa qaba. Akka yaada kanaatti gara ogbarruu oromootti yoo dhufne immoo afoolli oromoo ogbarruu jalatti ramadama jechuudha.

### 2.2. Faayidaa Ogbarruu

Ogbarruun faayidaa hedduu qaba. Odeeffannoo adda adddaa, beekumsa, gammachuu, gaddaa fi kanneen kan fakkatan kan of keessatti haammatudha.Yaada kana Fedhesaa (2019:27) yammuu ibsu,

> Ogbarruu faayidaa adda addaa dhala namaatiif kenna. kanneen keessaa muraasni: sammuu gabbisuu, ija banachiisuu, bashannansiisaa barsiisuu, eenyummaa hubachiisuu, bal'isanii akka yaadan gochuu oonnachiisuu, aadaa fi duudhaa hawaasaa dhalootaaf dabarsuu, falaasamaa fi seenaa duranii as fiduun jiruu har'aa qajeelchuu fi kan kana fakkaataniif gargaaruu danda'a" jedha.

Yaada barreessaa kanaarraa wanti hubatamu ogbarruun hunda galeessa ta'uu fi hojii dhala namaan kan walqabate hunda keessa galee tajaajiluu isaa nu hubachiisa.

### 2.3. Asoosama

Asoosamni gosa ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko ta'ee, dhugaa hawaasa keessa jiru bu'uura godhatee dhimma hawaasaa hawaasaaf kan dhiyeessudha. Misgaanuu (2012) "asoosamni kan gochoota haala jireenya hawaasummaa keessatti namoonni raawwatan qeequ fi sirreessuuf karaa gaariidha" jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu, asoosamni waan addunyaa kana irratti raawwatamu yoo sirrii ta'e kan jajjabeesssuu fi dogoggora dhala namaa qeequun kan sirreessu akka ta'etu hubatama. Kanaafuu, karaa gaarii ta'een gocha dhala namaa qeequuf asoosamni filatamaadha.

### 2.4. Maalummaa Afaanii

Namoonni garaagaraa afaaniif hiika adda addaa kennanii jiru. Hiikni hayyuun xiinqooqaa tokkoo kennu isa kan biroo kennurraa garaagarummaa murtaa'e qabaatullee, garaagarummaan bu'uuraa gidduu isaanii hin jiru. Hayyuu Xiinqooqa seenaa kan ta'e Antila,(1972:12) hiika afaaniif kenneen,"afaan miseensoonni hawaasa tokkoo kan waldeggeraniifi ittiin waliigalan akka tasee kan argame qaamolee dubbiin dhalli namaa mallattoolee irratti waliigalameen kan fayyadamuufi

sirna qabeessadha” jedha. Hiika Antila kana irraa wanti afaan jenne nuti qo'annu, kana gargar baasuun hiika itti kennee ni jira. Kanas, sirna qabeessummaa afaanii, meeshaa waliigaltee ta'uu, akka tasee kan argame ta'uu, qaamolee dubbiitiin ibsamuusaa, mallattoolee irratti waliigalame akka ta'e kaa'a. Sirna qabeessummaan afaanii kunis, sirna sagalee irraa kaasee hanga walitti qindaa'uun dubbii dubbatamuufi sirna afaanii hunda hammata. Sirnoota kana hunda qabatee kan jiru kan ittiin ibsinu sun afaan jedhama jechuun ibse.

Akka Lyons (1981) Bolchfi Trager (1942:5) wabeeffachuun ibsetti ,"Afaan akka feeteen kan uumameefi gareen hawaasaa tokko kan ittiin walii galudha". Hayyoonni xiinqooqa tokko tokko sagalee dubbiirratti xiyyeeffachuun,afaan kan dhalli namaa sagalee dubbii walitti qindeessuun ittiin walii galu waan ta'eef, meeshaa wal qunamtiiti jedhu. Akka hayyoota xiinqooqa hawaasaatti ammoo, afaan mallattoo eenyummaa hawaasa tokkooti. Kanneen walitti dhufeenya afaaniifi aadaa qoratanis gama isaaniitiin, afaan baattuu aadaa jedhanii hiikuu yaalu. Addunyaa,(2010:2). Karaa birootiin Yule,(2006) hiika afaani, amaloota afaanii, achii as dhufaatii afaanii, haala qoodama afaanii, haalaafi bakka uumama afaaniifi kanneen biroo ibsee jira. Kana malees, Lyons (1981) afaaniif hiika hayyoonni garaagaraa dhiyeessee jira. Sapir (1921:8) akka Lyons (1981) wabeeffachuun ibsetti, "Afaan kan dhalli namaa hawwii,fedhiifi yaada isaa mallattoolee adda addaatti gargaaramuun ibsatudha" jedha. Kana irraa kan hubannu, afaan handhuura jireenya ilmaan namaa ta'uu isaafi namni miira isatti dhagahame jaalala, jibba, gadda, gammachuufi kkf afaaniin ibsata. Afaaniin gochaawwan sammuu isa guddaa ta'uun waa'ee achii as dhuftee keenya maal akka taane, akka namtokkeetti, akka hawaasaattii fi akka aadaatti kan nuti ittiin of ibsiinuudha.

> Afaan waan hundaa namoota kan ittiin jiraatan jireenyadha; kan ittiin yaadaniifi wal qunamaniidha. Afaan ittiin yaadanii hojjechuun ammoo, walitti dhufeenya yaada, aadaafi hawaasaa caalaatti ifa taasisa. Afaan tokko hawaasaafi aadaa isaarraa addaan bahee jiraachuu hin danda'u. Haalli qabatamaan afaan baattuu aadaa, aadaan immoo ibsituu jiruufi jireenya hawaasaa jechisiises isa kanadha (Addunyaa, 2010:2)

Akka yaada armaan olii kanarraa hubannutti afaan jireenya dhala namaaf murteessaa ta’uusaati. Dhalli namaa hawaasa naannoo isaa wajjin jiraachuun dirqama. Waliin jireenya kana keessa immoo afaan tokko dubbatanii wal amansiisuun dirqama. Kana jechuun dhalli namaa ittiin walii galuuf, aadaa isaa dhaloota itti aanutti dabarsuuf afaanitti dhimma ba’a. Afaan baattuu aadaa,

aadaan immoo ibsituu eenyummaa saba tokkooti jechuunis, aadaan afaaniin kan ibsamuu fi aadaan immoo hawaasa tokkoof ibsituu eenyummaasaa ta'uu nu hubachiisa.

## 2.5. Itti Fayyadama Afaanii

Akka Clork (1996:391-92) jedhutti,"afaan kan qo'atamu haala caasaafi itti fayyadaman isaatinidha. Caasaa afaanii yeroo jedhamu qaaccessa xinsagaa, xinjechaa, xinhimaa, xinhiika afaanichaati" jechuun itti fayyadama afaanii ibsa. Haa ta'u malee, itti fayyadama afaanii qo'achuun akka caasaa afaanii qo'achuu salphaa miti. Kunis, itti fayyadama afaanii qo'achuun xiinqooqa qo'achuu waan ta'eef. Ittidabaluun, qo'annoon itti fayyadama afaanii fi caasaa afaanii tokko miti. Kanafuu, qo'annoon itti fayyadama afaanii haala adda addaan hojirra oolmaa afaanichaa qorachuudha. Haala kanaan, Liulseged (1994), qo'annoo itti fayyadama afaanii ilaalchisee akka ibsutti," hawaasa afaan adda adda dubbatan keessatti seera afaanichaa waliin qaban filachuu kan gaafatudha. Seerichis haalaa adda addaarratti kan hundaa'u ta'uusafi haalootiin kunis naannoo, mata duree, bakka hojii fi kkf ta'uu danda'a" jedha. Gama biroon, haala itti fayyadama afaanii ilaalchisee, Cooper (1976:184) "Itti fayyadama afaanii jechuun xiyyeeffannoo garaagarummaa afaan tokko yookaan looga tokko keessatti haala dubbiin, seerlugaan yookaan jechaan uumamudha". Kana malees, qo'annoon itti fayyadama afaanii xiyyeeffannoo garaagarummaa xiinqooqaa garee murtaawaa tokko keessatti jiru kan ilaalu yookaan haala itti fayyadama irraatti adda addummaa garee hedduurratti mul'atu akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Gama kaaniin, itti fayyadama afaanii jechuun haala tajaajila afaan iddoo adda addaa keessatti qabu irratti kan xiyyeeffatudha.

> Haala kana Clark (1996) yoo ibsu, itti fayyadamni afaanii hojii kamiyyuu keessatti barbachisaa fi murteessaa ta'uu isaa lafa kaa'ee jira. Kanafuu, hojiin itti fayyadama afaaniirratti hojetamu, garaagarummaa haala xiinqooqaafi hawaasummaa jiru adda baasuufi ibsuurratti xiyyeeffachuu qaba. Kana jechuun, haala itti fayyadama afaanii hunda adda addummaa hawaasaa sababa afaanii uumamu kan hammatudha jedha. As keessatti, garaagarummaa kana jedhu namni dubbatu sun gosa garaagaraa afaanicha keessa jiru filatee kan dubbatu ta'uusaati. Fakkeenyaaf, bakka hawaasni tokko afaan adda addaa beekutti, afaan tokko hojii tokkoof afaan biroo immoo hojii gara biroof fayyadamuu danda'u. Itti fayyadamni afaanii calaqqee hawaasaa ta'uu isaa, Labov (1972) Coulmas (1997) wabeeffachuun ibseera.

Akka waraabbii armaan olii kanarraa hubannutti, itti fayyadamni afaanii hojiiwwaan dhalli namaa raawwatu kamiyyuu keessatti baay'ee barbaachisaa ta'usaa ibsa. Bakka namoonni afaan

garaagaraa dubbatanitti afaan tokko hojii tokkoof yoo itti gargaaramne, afaan isa kan biroo immoo hojii kan biraaf kan itti gargaaramnu ta’uusaati.

Walff (2000) itti fayyadama afaanii sirriitti hubachuuf gaaffilee akka yoom, eessatti, maaliif, akkamitti, maaliin, eenyuufi kkf gaafilee xiinqooqa hawaasaan walqabatan kaasuun hubachuun akka danda'amu addeessa. Haaluma walfakkaatuun, Stockwell (2000) itti fayyadama afaanii yoo ibsu, asxaa hawaasaa *(*sanyii,aadaa) isa olaanaa akka ta'etti ibsa. Namni tokko afaan akkaataa barbaadeen filachuun bakkee adda addaatti dhimma adda addaaf fayyadamu ni danda'a. Kanarra ka'uun, Tabouret-Keller (1985) Columas (1997) wabeeffachuun akka ibsetti,

> Itti fayyadama afaaniirratti hundaa'uun amala afaanii namichi dubbaturraa miseensa garee kamii akka ta'e adda baasuun akka danda'u ibsaniiru. Akka ibsa hayyoota kanatti,itti fayyadamni afaanii amala afaanii keessaa isa guddaafi salphaatti namni tokko garee hawaasaa kamii akka ta'e ittiin addaan baafannu ta'uu hubachuun ni danda'ama. Haala yaaxxinni xiinqooqa hawaasaa ibsuun itti fayyadama afaaniirratti haala qabatama lamatu jira. Isaaniis, itti fayyadama afaanii haala hojiirra ooluun jijjiirama hammatamuufi hawaasni hunduu afaan akkuma dhimmichaatti gargaaramuun fayyadamudha jedha.

Gabaabumatti,itti fayyadamni afaanii yaadumaan kan dhugoomu osoo hin ta'iin,haala qabatama hojii hawaasichaan kan dhugoomudha. Itti fayyadama afaanii ilaalchisee Clark (1996) qabxiilee afur lafa kaa'e. qabxiileen kunis, fakkeenyummaa itti fayyadama afaanii, bal'ina itti fayyadama afaanii, ta'iinsa itti fayyadama afaaniifi haala dhiyaannaa itti fayyadama afaaniiti. Clark (1996) haala dhiyaannaa itti fayyadama afaanii karaa lamaan akka ta'e ibsa. Isaaniis, *dhiyaannaa bu'aafi dhiyaannaa gochaati. Dhiyaannaan bu'aa, qorannoo sagalee jechaafi himaatti guddataa kan deemudha jechuun ibsa.*Fayyadamni afaanii nama kamiyyuu biratti dhimma nuti haasofnu sanaa fi nama nuti wajjin haasofnu sanaan murta’a. Namoonni afaan tokkotti fayyadamanii yeroo ergaa dabarfatan dhimma dabarfatanii fi ergaa dabarfatan irratti hundaa’uun afaan tokko keessaa looga filachuunii fi afaan biraa irraa jechoota ergifachuun itti fayyadamu. Yaaduma kanaan kan wal fakkaatu, namoonni haala kanaan fayyadamuufis haalli hawaasummaa isaan keessa jiran, dhiyeenyi fi fageenyi kaayyoo isaan hawaasummaa waliin qabanii murteessummaa qaba.

Akka Jaalalliin Fishman (1971)wabeeffachuun ibsetti, fayyadamni afaanii karaa afaaniitiin walitti dhufeenyi yeroo taasifamu, namni tokko yookaan hawaasichi, looga afaanichaa keessaa isa kam akka filatu agarsiisa jechuun Keessi. Kana jechuunis qorannoon fayyadama afaanii eenyuun ?eenyuuf?yoomii fi eessatti? afaan kamiin? Maal jedha? Isa jedhu agarsiisa.

Jechuunkeessi. Yaaduma kana kan cimsu Beekan hayyoota garaagaraa wabeeffachuuun yeroo ibsu;

> Itti fayyadama afaanii jechuun haala tajaajila afaan iddoo addaa addaa keessatti qabudha. Haala kana clark(1999)yoo ibsu, itti fayyadamni afaanii hojii kamiyyuu Keessatti barbaachisaa fi murteessaa ta'uu isaa lafa kaa'ee jira. Kanaafuu, hojii Itti fayyadama afaanii irratti hojjetamu garaagarummaa haala xiinqooqaa fi hawaasummaa jiru adda baasuu fi ibsuu irratti xiyyeeffachuu qaba. Kana jechuun haala itti fayyadama afaanii hundaa adda addummaa hawaasaa sababa afaaniin uumamu kan haammatudha. As keessatti, garaa garummaa kan jedhamu namni dubbatu sun gosa garaa garaa affanicha keessa jiru filatee kan dubbatu ta'uu isaati(Beekan ,2015:3-4).

Akka yaada kanaatti, itti fayyadamni afaanii tajaajila afaan yeroo adda addatti hawaasa keessatti qabu jechuudha. Tajaajilli afaanii kunis hojii hawaasummaa kamiyyuu keessatti baay'ee barbaachisaa fi murteessaa ta'uu isaa agarsiisa. Akkuma walii galaatti fayyadamni afaanii tajaajila afaan hawaasa keessatti qabu yoo ta'u ,kunis hawaasni yeroo dhimma tokkoof itti fayyadamu dubbii afaanii dhama qabutti fayyadamuu jechuudha. Itti fayyadamni afaanii akkuma sagalee dubbii afaanii keessatti tajaajila murteessaaf barbaachisa qabu hojiiwwan uumee afaanii keessattis tajaajila murteessaa fi barbaachisaa qaba. Afaan karaa ergaa ittiin dabarfatan keessaa isa ijoo waan ta'ee hojii kalaqa sammuu ilma namaa keessatti ga'ee guddaa taphata. Hojiin uumee ogbarruun tokko dubbistootaaf dubbifamuu fi dhiisuu akkasumas jaallatamummaa hawaasa biratti argachuu fi dhiisuun isaa kan ittiin beekamu yookaan madaalamu itti fayyadama afaanini. Hojiin kalaqaa og barruu keessatti miidhagina jechuun barreeffamoota walitti fidanii hima ijaaruu miti. Jechoonni hammam kan barreeffaman ta'aniyyuu, barreessaan jechoonni an fayyadame kun ergaa naaf dabarsuu akkasumas miira dubbistootaa naaf hawwatu jedhee kan barreessudha. Sababni isaas hojiin uumee ogbarruun hawaasa keessatti tajaajila barbaadame dabarsuuf itti fayyadama afaanii sirritti yoo fayyadameedha. Kanaafuu barreessaan ogbarruu karaa adda addaatiin afaanitti fayyadamuu fi ga'umsa cimaa ta'e qabaachuutu isa barbaachisa.Yaaduma kana ilaalchisee Jaalalliin ( Zaruihuun Asfaaw ,1995)wabeeffachuun yoo ibsu,

> Barreessaan dandeettii olaanaa ta'e isa barbaachisa yeroo jedhamu, karaa biraatiin Yaada isaa sirriitti haala ifaa fi nama hawwatuun ibsuu fi dabarsuu danda'uu qaba jechuudha. Akkas gochuuf immoo amala jechootaa, haala galumsa isaanii fi Akkaatauumamsa isaanii beekuu qaba. Hiika fi miidhagina jechoonni haala adda addaa keessa galuun kennuu danda'an beekuun irraa eegama (Jaalallii, 2002:12)

Yaada kana irraa wanti hubatamu danda'u, barreessaan hojii kalaqa ogbarruu tokkoo kan kufu itti fayyadama afaanii sirriitti yoo beekuu baatedha. Akkasumas dandeettiin fayyadama afaanii isaa dadhabaa yoo ta'ee fi haala kam keessatti jecha kam fayyadamuu yoo baate hojiin isaa fudhatama dhaba jechuudha. Kanaafuu, barreessaan tokko dandeettii afaanii fi itti fayyadama afaanii qabaachuutu isa irraa eegama jechuudha.

### 2.5.1 Fayyadama Dhaamjechaa

Akka Addunyaa,(2011:5) jedhutti, "Dhaamjechi sadarkaa xiinjechaatti qaama xiqqaa afaanii hiika qabeessa ta'ee, of danda'ee yookaan hirkatee argamuun hiika tokko qofa kan qabuudha. Caasaa afaan oromoo keessatti unka hiika qabu tokko xiinxaluun sadarkaa kana irraa eegala."

Yaada kana irraa kan nuti hubannu dhaamjechi qaama xiqqaa afaanii ta'ee of danda'ee yookiin immoo hirkatee kan argamu ta'uu isaati. kana malees dhaamjechi hirkataa fi of danda'aatti kan qoodamuudha. Afaan oromoo keessattis unka hiika qabu sadarkaa kana irraa kan eegaluudha. kana jechuun dhaamjechi hiika kan qabudha jechuudha.

> Jechi tokko dhaamsa /ergaa tokko yookiin tokkoo ol qabaachuu ni danda'a Jechuu tokko dhaamsawwan tokkoo ol yammuu of keessaa qabaate unkawwa Dhaamsawwan adda addaa agarsiisan addaan baafatanii beekuun ni danda'ama. unkaan dhaamsa tokko qofaa qabu dhaamjecha jedhama. (Geetachoo, 2008:60)

Dhaamjechi dhaabbataa fi hirkataa jedhamuun bakka lamatti qoodama. Dhaamjechi hirkataan dhaamsa inni qabu yookiin wanta inni bakka bu'u ifaan kan mul'atu yeroo inni jechatti maxxanee galuu dha. Barreeffama keessatti dhaamjechi tokko hirkataa ta'uu isaa sarara xiqqaan gara bitaa yookiin gara mirgaatti itti maxxansuun agarsiifama. Jechi dhaamsa tokko qafaa qabu dhaamjecha of danda'aa jedhama. Dhaamjechi hirkataan jecha ta'uu hin danda'u. Dhaamjechi hirkataan afaan oromoo keessatti gosa lamatu jiru isaanis duree fi duubee jedhamu (Geetachoo 2008). Namni tokko dhaamjechoota of danda'oos ta'ee hirkatootti yammuu fayyadamu of eeggannoo dhaan ta'uu qaba. Sababni isaas keessumaa dhaamjechoonni hirkatoon kophaa isaanii osoo jechatti hin maxxanin hiika hin godhatan. Kanaafuu dubbisaan yeroo dhaamjechoota kana kophaa isaanitti dubbisudogoggora hubannoof saaxilamuu yookiin ergaa barreeffamichaa sirritti hubachuudhiisuu danda'a. Kanaafuu afaan keessattikeesumaa immoo barreeffama keessatti yeroo dhaamjechatti fayyadamu haala fayyadama isaanii sirriitti beekuu qaba.

### 2.5.2.Itti Fayyadama Jechootaa

Jechi qindoomina sagalee irraa kan uumamu hiika mataa isaa kan qabu, kutaa caasaa afaanii keessaa isa tokkoodha. Afaan tokkoo dubbifamaa fi dubbachiiftuun waliin qindaa'uun jecha uumu. Jechi kunis caasaa afaan sagaleewwan irraa uumamee sanaa eeguun hiika mataa isaa kan qabuudha.Yaaduma kanaan kan wal fakkatu Addunyaan yoo ibsu;

> Jechi qindeeffama dhaamsagootaa , birsagootaa fi dhaamjechootaa kan unkaalee hiika tokkoo fi isaa ol qabaniin dhiyaatuu fi of danda'ee dhaabbatudha. Gama biraatiin ,jechi Bakka bu'aa muuxannoo hawaasa tokkooti. Muuxannoon hawaasa tokkooammoo baay'ina hawaasichaa, amala isaa, dagaagina aadaa fi diinagdee isaa, siyaasaa fi wkf bu'uureffata.(Addunyaa,2016:35)

Akka yaada kana irraa hubannuutti, jechi qindaa'ina sagalee irraa kan uumamu kan hiika tokkoo fi lamaa ol qabaachuu kan danda'u ta'ee, hawaasa tokko keessatti bakka bu'aa wanta tokkoo kan ta'eedha. Asoosama "DUKKANA BARII JALAA" Keessatti jechoonni gosa adda addaa ni argamu. Isaanis :jechoota loogaa ,jechoota ergisaa ,jechoota tishoo , ni argamu. kutaa kana keessatti haalli fayyadama jechoota kanaa maal akka fakkatu ilaalla.

#### 2.5.2.1. Jechoota Tishoo

Jechoonni tishoo jechoota hiika qaban lama walitti fiduudhaan jecha hiika of danda'e tokkoo fi tokkoo olqabu ijaaruu jechuudha. Jechoonni kunis afaan oromoo keessatti haala lamaan ijaaramuu danda'u. Isaanis sarara xiqqaan wal qabsiisuu fi walitti siiqsuun barreessuudha. Sarara xiqqaan walqabsiisuu yeroo jennu jechoota lamaan gidduu sarara xiqqaa galchuu jechuudha.

#### 2.5.2.2 Jechoota Ergisaa

Jechoota ergisaa jechuun afaan tokko keessatti afaan ofdanda'e biraa irraa jecha fudhatanii yoo itti fayyadaman kan mul'atu jechuudha. Kunis yeroo baay'ee jechi kallattiidhaan wanta sana ibsu yoo dhabamee fi jechi afaan sana keessatti wanta sana ibsu, looguma afaan sanaa kan biraa keessatti jecha safuu yoo ta'e, afaan biraa irraa jecha wanta sana ibsu fuudhanii itti fayyadamuu jechuudha. Ergifachuun ce'iinsa afaanii afaan tokko irraa gara afaan biraatti kallattii adda addaatiin taasifamuudha. Kunis ce'umsa jechaa, sagalee fi seera afaan tokkoo gara afaan biraatti godhamudha.

Akkasumas  O’Grady (1995:25) karaa biraan yoo ibsu ,afaan tokko fedhii isaatiin kan ergifatu irratti dabalataan immoo jechoonni dhiibbaa adda addaa irraan kan ka’e, afaan tokko irraa gara afaan biraatti ce’uu danda’a. Dhiibbaawwan kunneenis, dhiibbaa afaan naannoo sanaa karaa aadaatiinis ta’ee karaa siyaasaatiin dhuunfate tokko, afaan naannoo sanaa hin dhuunfannee irratti godhuun, akkasumas dhiibbaa afaan naannoo sanaan karaa siyaasaatiinis ta’ee karaa aadaatiin hin dhuunfanne, afaan naannoo sanaa dhuunfate irratti godhuun jechuun ka’a.

Yaada hayyuu kanaa irraa kan hubannu, ergifannaa jechaa jechuun sagalee ykn jechi afaan tokkoo gara afaan biraa keessattis ce’uun tajaajila kennuu jechuudha. Ce’umsi kunis harka caalu dhiibbaa afaan tokko afaan naannoo isaa jiru irratti godhuun kan dhufu ta’uu isaa hubanna.Yaaduma O’Grady (1995:25) kan cimsu; jaalalliin Abdurahamaan (1995:25) wabeeffachuun yoo ibsu;

> Bakka dhamjechoota afaan oromoo keessaa argachuu Dhabnetti jaalannus jibbinus ni liqeeffanna. Haa ta’u malee ilmi nama akkuma walitti dhufeenya isaatti walirraa liqeeffata. Afaanni tokko  afaan Biraa irraa jecha tokko fudhachuuf wal fedhiin uummataa  afaanota Walirraa ergifatanii jiraachuu qaba. (jaalallii,2002:16)

Akka yaada armaan oliirraa hubannutti afaan oromoon dhimma tokkoof yoo jecha bakka nuuf bu’u dhabne dirqamaan afaan biraa iraa ergifannee kanb itti fayyadamnu ta’uusaa nu hubachiisa .Walirraa ergifannaa afaanii kana keessatti immoo wal fedhiin hawaasa walirraa ergitanii jiraachuu kan qabu ta’uusaa ibsa. Kana jechuun afaan walirraa ergifachuuf,walitti dhufeenyi fi waliigalteen warra afaan walirraa ergifatanii barbaachisaa ta’uusaati.

### 2.5.2.3  Walfakkii Jechootaa

Jechoonni akkuma haala galumsa isaanitiin iddoo jechi tokko bu’u jechi biraa bu’uun hiika wal fakkaataa kennuu danda’u.Jechoonni  kunis unkaan wal fakkaachuu baatanillee hiikaan kanneen wal fakkaatanidha.Barreeffamoota ogbarruu tokko tokko keessatti jechoonni akkanaa kunneen walitti aanuun hammattuu keessatti yookiin sarara habalakatiin kanneen barreeffamanii argamanidha. Haa  ta’u malee jechoonni kunneen iddoo isa tokkoo inni tokko hiika kennuu kanneen danda’anii fi bakka waliif bu’uu  jechoota danda’anidha.

### 2.5.2.4 Jechoota Faallaa

Jechoonni faallaa yaada faallaa kan qabanidha.Yaadonni faallaa karaa adda addaan ibsamuu danda’u. Addunyaa (2014:112)” jechoota faallaa kanneen jennu walitti dhufeenya jechoota wal morkatan lama gidduu jirudha” jechoota kanas karaa adda addaan argamuu ni danda’ama. Isaanis jechoota faallaa keessatti jechoota siyaasa agarsiisan arguu dandeenya. Yeroo baay’ee barreessaan barreeffama ogbarruu keessatti bifa dhokataa ta’een yeroo dhimma ba’amutu mul’ata. Barreessaan barreeffama isaa keessatti jechoota adda addaa waan adda addaaf itti gargaaramuu danda’a. Jechoonni kun kallattiin yookiin al kallattiin waan jedhamuu barbaadame kan mul’isuudha. Jechoonni siyaasaa yammuu barra’an sirriitti ilaalamuu qabu. Sababni isaas, yaanni barreessaan dabarsuu barbaaduu fi akkataa dubbisaan hubatu wal hunachuu waan qabuufi.

### 2.5.2.5 Jechoota Loogaa

Looga kan agama afaan oromoo waliin wal bira qabuun yeroo ilaalamu ,afaan oromoo loogaan gabbataadha. Sababni isaas, oromoon baay’ina waan qabuuf fi lafa bal’aa walirraa fageenya qabu irra waan jiraatuuf, loogni heeddumminaan keessatti mul’ata. Sababni uumamsa looga kanaas akka armaan gadiiti. “lafti afaan oromoo keessatti dubbatamu bal’aa waan ta’eef, garaagarummaan loogaa ni mul’ata. Loogni afaan oromoo garee gurguddaa sadii qaba.Isaanis dhiha, bahaa fi kibbatti qoodamee kan ilaalamuudha.”(caas-luga J,J,1998:1)

Yaada kana irraa kan hubatamu sababa uumamsa looga kanaa kan ta’e, sabni oromoo iddoowwan bal’aa walirraa fageenya qabu jiraachuu isaa tii fi baayyina qabaachuu isaa irraan kan ka’e kan uumame ta’uu isaa hubanna. Gama biraatiin waa’ee loogaa O’grady(1996) akka jedhetti, loogni garaagarummaa gareewwan hawaasa gidduutti uumamu ta’ee adda addummaa haala dubbii, sagaleessuu, jechootaa fi kkf akka ta’e ibsa. Jechoonni loogaa barruu tokko keessatti yoo baayyatan dubbistoonni barruu sanaa looga sana yoo hin beekan ta’e ergaa barruu sanaa hubachuuf rakkisaadha. Sababni isaas jechoonni naannoo adda addaatti hiika garaa garaa qaba waan ta’eefidha. Barreessitoonni ogbarruu oromoo yeroo barruu barreessan itti fayyadama jechootaa irratti of eeggannoo gochuutu irraa eegama. Sababni isaas, loogni afaan oromoo bakka bakkatti garaagara waan ta’eef, jechoonni bakka tokkotti waan gaarii ta’e tokkoof itti fayyadaman bakka biraatti immoo jecha qanii fi jibbisiisaa ta’ee mul’achuu waan danda’uuf.

## 2.6. Malleen Dubbii

Malleen dubbii afaan og barruu keessaa tokko ta'ee, wanta og barruu sana keessatti ibsamuu barbaadehaala adda addaa fayyadamuun kan ibsu jechuu dha.Yaaduma kana irratti;

> Afaan ogbarruu keessaa inni hunda dursu dibbii qolaati. Yeroo baayyee barreessaan jechoonni hiika dhaanquu akka qabaatan gochuun ogbarruu kalaqa. Jechoota kana duubas hiika dhokataa ruuquun hubannoo dubbistootaa hawwata. Xiyyeeffannoodhaanis hiika jechoonni kallattiin qabanirraa maqee yeroo fayyadamu dubbii qolaan ibsama (Fedhesaa, 2018:158).

Yaada barreessaa kanaa irraa kan nuti hubannu jechoota dhoksuu barbaade malleen dubbiin ibsee kan mul'isuudha. Kun immoo keessumattuu jecha tokko keessatti akkas jechuurra dhimma biraan wal qabsiisnee yookiin dhimma tokko dhimma biraa keessa galchuun karaa al kallattiin kan ibsu ta'uu isaati. Malleen dubbii dandeettii yaaduu namaa illee kuufama beekumsaa waan qabuuf, ergaa cimaa kan qabuudha.

Addunyaa(2013:208)yoo ibsu, "malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa ta'een dhaamsa tokko kan namootaaf dabarsudha.Yaada kana irra kan hubannu malleen dubbii asoosamicha keessatti qaama barbaachisaa ta'ee haala salphaa ta'een ergaa kan dabarsudha" jedha. Akka yaada barreeffama kanaatti, malleen dubbii fayyadamnu wanta tokko karaa namaaf hubatamuu danda'utti salphisee dhiyeessuu danda'uudha. Kana jechuun haala namaaf galuun, karaa walxaxaa hin taanen ergaa kan dabarsudha. Akka Jaarraa fi Wasaneen (2008:143) irratti ibsanitti "malootni dubbii qindeeffama haala qarooma qabuun ijaaramee kan miira nama qindeeffamicha dhaggeeffatu yookiin dubbisuun kan qirqisuu danda'udha." Kana jechuun malleen dubbii sammuu fi miira namaa kakaasuu yookiin dammaqsuu keessatti ga'ee olaanaa akka qabuudha. Kun immoo miira olaanaa yeroo uumu keessatti dandeettii hubannoo cimsuu akka danda'udha.

Akka walii galaatti kan hubannu barreeffama tokko keessatti ergaa tokko haala miira namaa keessatti fakkii uumee, miidhaksee fi salphaatti akka hin irranfatamneetti dhiyeessuuf, malleen dubbiitti akka dhimma baanudha. Dabalataanis, haala jiruu fi jireenya hawaasa tokkokeessatti namoonni waan haasa'anii fi rawwatan malleen dubbiitti yoo dhimma ba'an waldhabdee hin barbaachisne irraa illee walaba ta'uun akka jiraatan kan hubannudha.

### 2.7. Gosoota Malleen Dubbii

Fayyadama afaanii irratti hundaa'uun barreessaan ogbarruu malleen dubbii akaakuu heedduutti qooduun kaa'u. Akaakuun malleen dubbii kun, warra kaan caalaa hojiiwwan og barruu keessatti faayidaa hedduu kan qabanidha. Kunis ergaa dabarsuu irratti waan ta'eef ergaa hubachuun ammoo gadi fageenyaa fi kallattii garaagaraan ilaaluun barbaachisaadha. Qoodamiinsa malleen dubbii ilaalchisee hayyoonni adda addaa akaakuu adda addaatti qooduun ibsu. Kunis namaa namatti garaa garumma qaba. Addunyaa (2018:208) irratti malleen dubbii iddoo ja'atti qooduun ibse. Isaanis akkasaa, bakkasaa, nameessuu, eemitii, abalaka, fi arbeessuu jechuun qoode. Akkasumas Fedhesaa (2017:158) gosoota mallee dubbii iddoowwan adda addaatti qooduun ibseera. Malleen dubbii kunis ogbarruu barreeffamaas fayyadama afaanii keessatti barreessaan gargaaramee haala akkamiin hawaasni itti gargaaramaa akka jiru ibsuu danda'a.

Walumaa galatti malleen dubbii maqaa adda addaa haa qabatuyyuu malee, yaada kalaqaa yookiin haala nama hawwatuun fakkii wantoota xiyyeeffanoo barbaadanii wal bira qabanii ibsuun karaa salphaa ta'een suura kaasu. Kun immoo, namni isa bira hin jirrehaala salphaa ta'een akka hubatuuf isa gargaara. Ogbarruun barreeffamaa kunis malleen dubbiitti fayyadamee; ergaa, gorsa, jajjabina, hacuuccaa, roorroo, diddaa, fi kan kana fakkaatan gadi fageenyaan ibsa. Kana malees malleen dubbii barreeffamni tokko miidhagina akka argatuwaan taasisuuf baay'ee barbaachisaadha. Gosoota malleen dubbii waraqaa kana keessatti dhiyaatan kanneen armaan gadiiti. Isaanis: Akkasaa, Iddeessaa, Nameessaa, Arbeessuu, Eemitii, Fakkoommii fi wal qabsiisa fa'i. Gosoota mallen dubbii kana irratti beektonni garaagaraa kan isaan jedhan akka armaan gadiitti dhiyaata.

#### 2.7.1. Akkasaa

Akkasaan gosa malleen dubbii keessaa tokko ta'ee fayyadama afaanii keessatti wantoota adda addaa wal dorgomsiisuudhaan kan ibsudha. Kun immoo wantoota amalaan wal hin fakkaanne gidduutti kan taasifamudha. Akka Addunyaan (2018:208) irratti ibsetti ,"akkasaan ergaa barbaadamu waan aadaa hawaasichaa keessatti akka hubatamu kan taasisudha." kana jechuun wanti wal bira qabnee dhiyeessinu tokko kan hawaasa biratti beekamaa ta'e ta'uu akka qabu ibsa.

Karaa biraatiin immoo, dubbii qolaa akkasaa kan fayyadama afaanii keessatti yammuu dorgomsiisnu  walitti siqeenya wantootaan wal bira qabuun kan madaalaa deemnuudha.Kunis haala dubbisaa hawwachuu danda'uun ta'uu qaba.Kana ta'uu baannaan, dubbistoonni yaada burjaaja'ehorachuu danda'u.

### 2.7.2. Iddeessaa /Bakkasaa

Fayyadama afaani keessatti Iddeessaan amala, bifa, haalaa fi kan kana fakkaatan qaama tokkorraa fuudhanii qaama biraatti dabarsuu yookiin qaama tokko bakka waan biraa buusee, qaama sana taasisuudha.Kana jechuun bakkasaan jecha akkasaan fayyadamutti hin fayyadamu. Kun immoo kallatumaan qaamni tokko akkasi jedhee kan bakka buusudha. Addunyaa (2018:209-210) yaaduma kana deeggaruun akkas jedha;

> Malli dubbii iddeessaa jedhu "gaalee iddosaa" jedhu irraa ijaaramee waan tokko guutummaa guutuutti amala waan biraa gonfachiisuun dhiyeessa. Gosni fayyadama afaanii kun haala dhokataa ta'een wantoota dorgomsiisa. Kan akkasaa irraa adda taasisuisa kanadha. Tokkummaan inni akkasaa waliin qabu garuu wantoota wal dorgomsiisuudha.

Kana jechuun tokkummaa fi garaagarummaan akkasaa fi bakkasaa kan mul'atu ta'ee of eegannoo fi gadi fageenyaa ilaaluun xiinxaluu kan gaafatu, fayyadama afaanii kana keessatti garuu bakkasaadha. Kanaafuu bakkasaan yaada dhokataa of keessaa waan qabuuf xiyyeeffannoo guddaa barbaada**.** Fayyadama afaanii keessatti bakkasaan amala wanti tokko qabu guutummaa guutuutti  kan biraaf kennuudha.

### 2.7.3. Nameessa

Nameessa jechuun wantoota nama hin taane, bineensota, lubbu qabeeyyii fi lubbu dhabeeyyii waan namni raawwatu, dubbatu, yaadu akka waan nama ta'anii kana hunda raawwataniitti gochuun nama fakkeessuun bifa ittiin dhiyaataniidha. Kunis, dandeettii barreessaan barreeffama isaa keessatti calaqqisiisu irratti hunda'a. Kanas Addunyaa (2018:211) yoo ibsu, "wantoonni akka namaatti beela'anii quufan, deemanii akka galan, ijaaranii akka diigan kan taasisu fayyadama afaaniiti" jedha. Kanaafuu, fayyadamni afaanii keessatti amala namootaa fi lubbu qabeeyyii biroof kan kennudha. Dabalataan, shaw(1972:283) akka ibsetti, "nameessi amala dhala

namaa bineensa, meeshaa, yaadaa fi kanneen biroof kan kennudha. Kun kanagarsiisu, wanti nama hin taaneakka namaatti ni nyaata, ni dubbata, gochaawwan adda addaa

ni raawwatajedhamee fudhatama." Kana irraa kan nuti hubannu amala dubbii kana keessatti wantoonni nama hin taaneamalaa fi gocha namoonni raawwatan gonfachuun kan dhiyaataniidha. Nameessa kana barreessitoonni asoosamaa mala fayyadama afaanii kanatti baayyinaan itti fayyadamu. Sababni isaas wantoonni jiruu fi jireenya hawaasa keessatti nama mudatan kanneen akka gaddaa, gammachuu, quuqqaa fi kan kana fakkaatan sababa calaqqisiisuufidha. Dabalataan Fedhesaa, (2019:156), akka ibsetti, "nameessi dubbii qolaa wanta, horii bineensaa fi kkf amala namummaa gonfachiisuun dhiyeessuudha. Mala barreessitoonni ittiin amala dhala namaa wantoota biroo gonfachiisuun hojiisaanitti humna horaniidha." Akka yaada kana irraa hubachuun danda'aamutti wantoota nama hin taane mala barreesitootaatiin akka isaan amala dhala namaa gonfatanitti yaadamee kan isaan kalaqanidha. wantoonni kun immoo amala dhala namaa guutummaa guutuutti gonfatanii kan dhiyaataniidha.

### 2.7.4. Arbeessuu

Arbeessuun gosa malleen dubbii keessaa tokko ta'ee wanta tokko humnaa ol, ol guddisanii mul'isuudha. Busheessuun immoo faallaa arbeessuu waan ta'eef haala isaa gadi qabanii yookiin xiqqeessanii ibsuudha. Birhaanu, (2013:26) yaada kana yeroo ibsu akkas jedha. "arbeessuun mala waan tokko sababa bu'aa tokkoollee dhimma isaa ol kaasee himuuti. Barreessaan dhimma wanti sun dhugaan qabuirratti olkaasee yookiin guddisee waraqaa irratti kan barreessudha." Kanaafuu arbeessuun dhimmoota jiran irratti hundaa'uun wanta sana hanga isaa ol guddisanii kaa'uudha. Kun immoo humnaa ol gurra guddisuu yoo ta'u, busheessuun immoo humnaa ol gadi buusuu dha.

Walumaa galatti, mala dubbii kana asoosamaa keessatti barreessitoonni bal'inaan waan dhimma itti ba'aniif, miira dubbistootaa hawwachuu fi namoonni xiyyeeffannaa isaanii akka isaan ogbarruu barreeffamaa irratti keesumaayyuu asoosama irratti akka ta'u kan godhudha.

### 2.7.5. Fakkoommii

Fakkoommii kan wanti tokko dhimma biraan yookiin yaada biraan bakka bu'uun fakkeeffamudha. Fakkoommiin yaada, dhimma halluu fi kkf mallattoodhaan bakka buusuudha.

Jarraa fi Wasaneen (2008:145) irratti yeroo ibsan, “wanta tokko waan biraatiin bakka buusuudhaan akka mallattootti itti fayyadamuudha.Wanti tokko hiika waan biraaf yeroo dubbatamuudha” jedhu. Kana irraa kan nuti hubannu mallattoo bakka bu’aa wanta tokkoo ta’ee kan gargaaru ta’uu isaati.

### 2.7.6. Sob dhugaa /Eemitii

Sobdhugaan wantoota lama si’a tokkotti sobas dhugaas jennee fudhannuudha. Sobdhugaan yaadota yookiin gaaleewwan waliif faallaa ta’an wal bira qabee kan ibsuudha. Jaarraa fi Wasaneen, (2008:142) yeroo ibsan “eemitiin, dhaamsi jechaa yookiin himaa irra keessaan soba fakkaatee dhugaa ta’uu jechuudha. Yookiin immoo himoonni wal cinaa jiran irra keessaan wal faallessuu” jechuudha.Yaada kana irraa kan hubannu ergaan darbu soba fakkaatullee kan dhugaa of keessaa qabu yookiin immoo wantoonni waliif faallaa yeroo wal cinaa galan sobdhugaa yookiin eemitii jechuu dandeenya.

### 2.7.7. Wal Qabsiisa

Walqabsiisni malleen dubbii keessaa tokko ta’ee haala wantoonni adda addaa hawaasa biratti ittiin beekamankan ittiin wal qabsiifamanii ija barreessaatiin ibsamaniidha. Kanas yaada hayyootaan yoo deeggaramu;

> Barreessaan haala kallattiin ala ta’een nama, bakka, wanta dhimma wayiin wal qabsiisee yoo ibse wal qabsiisa jedhama. Fakkeenyaaf, taatee bara tokko raawwatame, aadaa hawaasaa fi dubbilee kitaabota amantii keessa jiraniin wal qabsiisuun ibsuu mala. Akka kanaan walqabsiisa bakka sadiitti qooduu dandeenya. Isaanis: wal qabsiisa seenaa, wal qabsiisa aadaa fi wal qabsiisa amantiiti. (Fedhesaa, 2019:167).

Kanneen armaan olitti caqafaman kana yammuu ibsaman, walqabsiisa seenaa jechuun, barreessaan tokko barreeffama isaa keessatti wantoota seenaan wal qabataniin akkaataa walqabannaa isaaniitiin barreessuu danda’a.Walqabsiisa aadaan naannoo tokko tokkoo maal akka fakkaatanillee barreessaan asoosama isaa keessatti dhimma ba’uun barreessuu danda’a. Walumaa galatti, malli dubbii fayyadama afaanii keessaa tokko ta’ee, kan namoonni yaada mataa isaanii, ilaalcha isaanii fi miira isaanii kan ittiin ibsatan fayyadama dubbii kanaanidha.

## 2.8. Mammaaksa

Mammaaksi gosa afoolaa keessaa tokko ta'ee, unka gaggababaan kan dhiyaatuu fi ergaa bal'aa fi gadi fagoo ta'e kan dabarsuudha.Yeroo baayyee mammaksi dubbii fidas dubbii fixas jedhamee mammaakama. Fedhesaa(2017:79) irratti akkas jedha;

> mammaaksi mala ittiin yaada bal'aa yookiin dubbii dheeraa tokko hima gabaabaan kurfeessanii ka'aniidha. Kana malees mammaaksi himaa fi yeroo qusachuuf, akkasumas, dubbii haalaan hin dagatamneen akka darbuuf, yookiin hubatamuuf gargaara. Kanamalees, gaalee yookiin hima bay'ee gabaabaan yaada bay'ee bal'aa ta'e dabarsuu jechuun danda'ama.

Yaada kanarraa akka hubannutti mammaaksi dubbii gabaabsuuf kan itti gargaaramnu ta'ee muuxannoo fi mudannoo, aadaa fi duudhaa siyaasaa ibsuuf gargaara.Haaluma kanaan barreessitoonni ogbarruu barreeffama isaanii karaa gabaabaa ta'een ibsuu fi miidhagina akka qabaatuuf, miira namaa akka kakaasuuf ogbarruu isaanii keessatti itti fayyadamu.

## 2.9. Sakatta'a barruu Wal fakkii

Kutaa kana keessatti qorannoowwan kanaan dura itti fayyadama afaanii irratti geggeeffaman kan qorannoo kanaa wajjin wal fakkaatan sakatta'uudhaan tokkummaa fi garaa garummaa isaanii akka armaan gadiitti dhiyeesseen jira. Qorannoowwan itti fayyadama afaanii irratti geggeeffaman keessaa tokko, qorannoo mata dureen isaa "xiinxala itti fayyadama afaanii asoosama Yaadanii keessatti" jedhu bara 2002 ALI tti kan qoratameedha. Qorataan qorannoo kanaa Jaalallii Haayiluudha. Qorannoon kun lamaan isaa iyyuu itti fayyadama afaanii irratti haa hojjetamuyyuu malee garaa garummaa ni qaba. Sababni isaa qorannoon Jaalallii dhaan adeemsifame xiyyeeffannoon isaa fayyadama afaanii keessatti fayyadama seerluuga karaa dhaamsagootaa, karaa firoommii sagalee, jechooota hirkatoo fa'a irratti baayyinaan kan xiyyeeffateedha. Qorannoon kun immoo fayyadama afaanii keessaa fayyadama malleen dubbii, fayyadama dhaamjechaa, mammaaksotaa fi fayyadama jechootaa irratti kan xiyyeeffatuudha. Qorannoo kana keessatti jechoota loogaa, jechoota ergisaa, jechoota faallaa, jechoota tishoo irratti kan xiyyeeffatudha.

Qorannoo inni lammaffaan immoo qorannoo matadureen isaa "xiixala fayyadama afaanii asoosama dirmammuu keessatti" jedhudha qorannoon kun bara 2003 ALI kan geggeeffameedha. Qorannoo kana kan qorate qorataa Anbassaa Hundeedha. Qorannoon asoosama dirmammuu

irratti kan geggeeffame yammuu ta’u qorannoon kan koo immoo asoosama dukkana barii jalaa irratti kan geggeeffameedha.

Inni sadaffaan immoo qorannoo Abdiisaa Buqqeetiin geggeeffame mataduree “xiinxala fayyadama afaanii Kuusaa Gadoo keessatti jedhu, bara 2003 ALI hojjetamedha. Akkasumas inni kan biraan immoo qorannoo Guutuu mootummaan geeggeeffame “xiixala fayyadama afaanii asoosama kabir waadoo gadaa sabboonaa oromoo keessatti” jedhu bara 2002 ALI hojjetamedha. Qorannoon lamaanuu matadureen asoosama isaan irratti hojjetaman mata

# BOQONNAA SADII: SAXAXAAF MALA QORANNOO

## 3.1 Saxaxaaf  malawwan qorannichaa

Qorannoo tokko adeemsisuuf mala yookiin tooftaa qorannaan sun ittiin galma ga'uu danda'u beekuun barbaachisaadha. Qorannaan tokkos galma ga'uu kan danda'u yoo qorataan malawwaan jiran keessaa na gargaara jedhee kan amanu yoo filateedha. Malli qorannoo tokkoo kan filatamu ammoo faayidaa fi bu'aa inni kennu irratti hundaa'eeti. Qorannoon kun kan adeemsifame odeeffannoowwan kitaabilee adda addaa dubbisuun walitti qabamanirraadha. kanaaf gosoota qorannoo jiran keessaa qorannoo yaad rimeetti fayyadameera.

## 3.2. Saxaxa Qorannichaa

Yerooammaa asoosamni afaan oromoon barreeffaman hedduutu jira. Qorataan asoosamoota jiran keessaatokko fudhatee asoosama Dukkana barii jalaa xiinxaleera. Gosa qorannoo akkamtaatti dhimma ba'ee, qorannicha geggeesseera. Sababni isaas, odeeffannoon kitaabarraa jechaan xiinxalame kan ibsame waan ta'eefidha.

## 3.3. Madda Ragaalee

Qorannoo tokko keessatti ragaa tokko yeroo walitti qabamu dhugummaa akka qabaatuuf maddi ragaan irraa fudhatame murteessaadha. Kanaafuu qorataan kun madda ragaa tokkoffaatti dhimma ba'eera. Maddi ragaan qorataan kun dhimma itti ba'e kitaaba asoosama dukkana barii jalaa filachuun itti fayyadama afaanii isaa sakatta'uun kan hojjetamedha.

## 3.4. Meeshaa Funaansa ragaalee

Ragaa funaanuun adeemsa qorannoo keessatti barbaachisaa fi murteeessaadha. Odeeffannoo quubsaa argachuuf immoo tooftaa gaarii fayyadamuun filatamaadha. Kanaaf qorataan kun meeshaalee funaansa ragaa isaa mala sakatta'a dookimentii dhimma ba'uun qorannoo isaa adeemsiseera. Qorataan kun yeroo qorannoo kana adeemsisaa ture, kitaaba filate irra deddeebiin dubbisuun fayyadama afaanii asoosamicha keessatti argaman qabachaa adeemuun barreeffamaan xiinxaleera. Sababa kanaaf qorataan kun yaadannootti dhimma ba'eera.

### 3.4.1. Sakatta'a dookimentii

Qorannoon kun kan adeemsifame kitaaba asoosamaa xiinxaluu irrattidha. kanaafuu, qorataan sakatta'a dookimentiitti dhimma ba'uun odeeffannoo kitaaba asoosama dukkana barii jalaa jedhu keessaa argame xiinxaleera. Akkasumas bu'aa qorannoo namoota garaa garaa kan yeroo garaa garaa fi mata duree adda addaa irratti geggeeffaman sakatta'uun odeeffannoo kan walitti qabateedha.

## 3.5. Mala iddatteessuu

Qorannoo kana keessatti mala iddatteessuu miti carraan kan geeggeeffamedha. Odeeffannoon asoosama "dukkana barii jalaa" jedhu keessaa fudhataman carradhaan osoo hin taane kaayyoo qorannichaa waliin kan adeemanii fi amma argamuu danda'an irratti hundaa'anidha. Qorannoo kana keessatti tooftaa iddatteessuu ammaargees hojiirra ooleera. Kana jechuun iddoo itti odeeffannoon ga'aan dhimma tokkoof dhibanitti ammuma argame fudhachuun kan geggeeffamedha.

## 3.6. Mala Xiinxala ragaalee

Malli xiinxala ragaalee qorannoo kana keessatti hojii irra oole, mala akkamtaati. Kunis waan kana ta'uu danda'eef, wantoonni safaramuu fi lakka'amu qorannoo kana keessatti dhimma itti hin ba'amne. Mala kanaan kan dhimma itti ba'aame, ragaalee jecha jecha xiinxaluu fi bu'aan qorannoo kanaas mala kanaan kan milka'eedha. Kanaaf qorannoon kun mala qorannoo al-lakkoofsawaa yookiin akkamtaatti kan dhimma ba'eedha.

# BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAA FI XIINXALA RAGAALEE

## 4.1. Xiinxala itti fayyadama afaanii asoosama “Dukkana Barii Jalaa” keessatti

Boqonnaa kana keessatti itti fayyadama afaaniin walqabatee odeeffannoowwan kitaaba asoosamaa ‘Dukkana Barii Jalaa’ jedhu keessaa walitti qabaman kan itti qaacceffamanidha. Haaluma kanaan odeeffannoowwaan kutaa kana keessatti ilaalama qabiyyeen itti fayyadama afaanii asoosamicha keessatti argaman maal ibsuuf akka galan kan keessatti qaacceffamanidha. Ogbarruu keessatti, akkataa barreessaan afaanitti gargaarame fayyadama afaanii jedhama. Fayyadamni afaanii kun tooftaa barreessaan tokko ergaa barruu isaa calaatti fudhatamummaa fi miidhagina akka horatuuf itti yaadee, bareechee barreessudha. Isaanis, dhaamjecha, jechoota, malleen dubbii fi mammaaksota ta’uu danda’a.

## 4.2. Itti fayyadama dhaamjechaa

Dhaamjechoonni haala tajaajila isaanii irratti hundaa’uun iddoo gurguddaa lamatti qoodamu. Isaanis dhaamjecha hortee fi uumamteedha. Dhaamjechoonni kunniin akka armaan gadiitti ibsamanii jiru.

### 4.2.1. dhaamjecha hortee

Dhaamjecha hortee jechuun dhaamjechoota warra seerluuga agarsiisanidha. Tajaajillii isaaniis seerluugaaf jechoota horsiisuu yoo ta’u, garee yookaan hiika jechoota itti hirkatanii hin jijjiran. Isaanis lakkoofsa, ramaddii, xiyyeeffannoo, dorgomsiistota, murteessitoota, hennaa fi koorniyaadha. Isaan armaan olii kana keessaa tokko tokko afaan tokko tokko keessatti qaamaan mul’achuu dhiisuu danda’u (Haspemath,2002).

#### 4.2.1.1.Dhaamjecha hortee lakkoofsaa

Dhaamjechi hortee lakkoofsaa dhaamjechoota heddummina agarsiisaniidha. Irra caalaa garee jechootaa keessaa maqaa irratti kan xiyyeeffataniidha. Dhamjechoota hortee lakkoofsaa kan agarsiisan –oota, -ota, -lee, -een, -yyii,-wwan, ootii,-toota fi kkf .

**Fakkeenya: -oota**

-Namoota(8)

-Kaadiroota(12)

-barnoota(12)

-daa’imoota(16)

-guyyoota(18)

-barnoota(23)

-dhaloota (38)

-durboota(38)

-barattoota(46)

**-ota:**

-hiyyeessota(67)

-yaadota(73)

**-an** -shakkaman(17)

-lakkoofsaan(18)

-loltotaan(50)

-gidiraan(32)

-loltootaan(50)

-shamarran(32)

-heeddummatan(18)

**Toota:** shororkessitoota(7)

Barreessaan asoosama kanaa dhaamjechoota hortee lakkoofsaatti dhimma ba’uun jechoota heedduu horsiisuu fi danoomsuu danda’eera. Kun immoo barreessaan asoosamichaa kana caalaatti dubbistootatti mul’isuuf, ykn hubachiisuuf dhaamjecha hortee fayyadamee ibseera. Kanaafuu ciminni isaa gama fayyadama dhaamjechoota hortee lakkoofsaan mul’atan lakkoofsa danoomsuun kan dhimma itti ba’ameedha.

#### 4.2.1.2. Dhaamjechoota maayii(matimaa)

Dhaamjechoonni maayii matimaa asoosama dukkana barii jalaa keessatti heeddumminaan ni argamu.Isaanis kanneen armaan gaditti dhiyaatanidha.

-n -Kuulleen(18)

-Duumessaan(20)

-Harkaan (22)

i- namni (10)

-moggaasni(11)

-namootni(12)

**ni** -Namootni(45)

-Nakkinni(54)

-Shakkamtootni (17)

| | |
|---|---|
| - Leensaan(24 | -hundi(17) |
| -Guddataan(23) | -ilmi(26) |
| -Raadiyoon(36) | -qaamni(27) |
| -Leensaan(24) | -naachi(32) |
| -Galuun(33) | -dhaqni(48) |
| -Kufuun(34) | -waaqni(49) |
| -Raadiyoon(36) | -dhukkubni(64) |
| -Kaachisaan(46) | |

Dhaamjechi hortee maayii matimaa kun asoosamicha keessa bakka garaa garaatti heeddumminaan barreeffamee ni argama. Kun immoo barreessaan jechoota qabutti haalaan fayyadamuun qusannoo jechootaatti dhimma ba'uu agarsiisa. Kanaaf dhimma kana irratti ciminni barreessaa jiraachuu agarsiisa.

#### 4.2.1.3. Dhaamjechoota hortee murteessituu

Dhaamjechi hortee murteessituu dhimma tokkorratti kan murtaa'u yoo ta'u asoosama kana keessatti dhaamjecha mirteessituu ta'een dhimma itti ba'ameera. Isaan keessaa muraasni:

**Fkn ichi/icha**

1. waraqaticha boorsaa kaawwate(7)
2. xalayicha dubbisee xumuree yaadaan qaari'e(10)
3. …Xalayicha of dhoksuu barbaade(9)
4. Aannanni hin jiru guuteetti jettee yeroo deebistuuf, mootichi gu'i ittiin jedhe.(11)
5. ragaan qabatamaa waan dhibeef dubbicha achumaan dhiisan(17)
6. Haala kanaan dabtaricha harkaa fudhatee…(20)
7. Haala kanaan konkolaatichi duugda ishee irra ba'e(21)
8. shuufeerichi dhaqee wajjjira poolisii magaalaa Gimbiitti harka kenne(21)
9. Bariisaan ta'ee roqoma malee balbalicha banuu hin dandeenye(21)

10. Seenaa kana dubbiseen mararame jettee kitaabicha itti agarsiiste(24)
11. Yeroo na argan namicha isa firaashii hodhutu dhufe jedhanii walitti agarsiisu(26)
12. … Naachi godaa gubbanaan galaanicha daakaa itti dhufaa jira(32)
13. …Shufeerichi gaddeefii tola fuudhee gale.(34)
14. … Bariisaanis shufeericha eebbisee gara mana isaatti qajeele(35)
15. Miidiyaaleen adda addaa achitti wal ga'anii saganticha waraabbachaa oolan(83)

Barreessaan dhaamjechoota hortee murteessituu armaan oliittii fayyadamuun wantoota xiyyeeffannoo barbaadan akka dubbisaan beekuu danda'utti ibseera. Kun immoo xiyyeeffannoon barreessichaa haala gaariin dubbisaan akka hubatuuf haala mijeessuu isaa nu hubachiisa. Dhaamjechoonni hortee murteessituun kun iddoo garaa garaatti asoosamicha keessatti kan argamanidha.

#### 4.2.1.4. Dhaamjechoota hortee koorniyaa

Dhaamjechi hortee koorniyaa gosa dhaamjecha hortee saala irratti kan xiyyeeffatu ta'ee,saala dhiiraa fi dhalaa kan adda baasudha. Dhaamjechoonni kun asoosama kana keessatti ni argamu. Isaan keessaa muraasni akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

Fkn **Dhiira**

- ... Amma yaadni wayii isa fudhatee badaa jira.(19)
- … sababnisaa waan hunduu isaaf haaraadha.(19)
- ….jarri ameerikaa isa fudhachuuf yeroo baayyee gaafataniiru(67)

Fkn **Dhalaa**

1) … waaqa isa ishee uume malee. (7)
2). Bakki dhaloota ishee naannoo biraadha.(8)
3). Isheef har'aaf sun firaashii kaangaarooti.(19)
4). Yeroo isheen balbala mana barumsaa geessu abdii kutatee deebi'e(22)
5). Ishee wajjin dubbachuuf kan hawwantu heeddummatu(22)
6). Mataa ishee dugda duubatti haxaawaa (25)

7). Isheen hiriyaa gaa'ila dhugaaf deemu barbaaddi(68)

Dhaamjechoonni armaan olii kun asoosamicha keessatti bakka baayyeetti gochaa qooddattootaa fi saala isaanii ibsuuf kan galanidha. Kana jechuun barreessaan irra deddeebiin maqaa qooddattootaa waamu irra isa, ishee jechaa kan fayyadamedha. Kun immoo gama fayyadama afaaniin irra deddeebii jechootaa kan hanbisee fi dubbisaan akka hin nuffine kan taasisedha.

#### 4.2.1.5. Dhaamjechoota hortee xiyyeeffannoo

Xiyyeeffannoon karaa adda addaa agarsiifamuu danda'a. Kunis karaa dhaamjechaa fi caasaati. Dhaamjechoonni afaan oromoo keessatti xiyyeeffannoo agarsiisan heedduudha. Kan kitaaba kana keessatti mul'atan akka itti aanutti dhiyaatanii jiru.

**-tu**

- Mucaa diimtuu qalloo tokkotu ulaa moorichaarraa caraantee isa waamti.(7)
- Firaa fi hormatu quba itti nyaate(11)
- Namicha Dhibbeentaa soddomatu carraa yuunivarsiitii galuu argate.(33)
- isa firaashii hodhutu dhufe jedhanii walitti himu(26)
- Bariisaa malee barattoota 1999tu deebi'ee darbe(36)
- Leensaatu yaadahin ergifneef malee…(40)
- Hamma as keessaa eenyuutu hiriyaa yeroofi hin qabu.(41)
- Yeroo sana gurbaa balaafamaa tokkotu na adamsa ture.(76)
- Anaa fi du'a gidduutti tarkaafii tokkotu hafe.(78)

**Uma**

- Akkuma abjootan daangaan qabeenya isaanii dabalaa jira.(11)
- Isaanis kanumabuusanii baasanii…(15)
- … ittuma caalchisanii reeban(16)
- Dhuguma qayyabannaaf dhufan se'e(18)
- Waaqni sababuma Bariisaa qabxii tokko gadi buse(36)

- Ijoollummaa isheetii kaastee hiyyuma dhandhamachaa …(38)
- Nama obbolummaa ittisiqxe jaalaluma gaafachuu qabdaa(54)
- … guyyuma tokkoofillee boqotee hin beeku(57)
- Gaafuma tokko osoo argitee sirreessitee carraa barbaadaa turte.(60)

**Dhuma**

- Abbaadhuma keetu nama cimaa ture(26)
- ….callisteedhuma bira dabarte(44)

**tti –** abbaan isaa wallalummaatti waan irraa du'eef, …(8)

- Godina wallaggaa lixaa aanaa Haaruutti dhalate(10)
- Waggaa muraasa gidduutti magaalaa Gu'ii ganda Lalisaa jedhamu keessatti …(11)
- Jeneraal Taaddasaanis achumaan waldaa maccaa fi tuulamaa wajjin dirree qabsootti Akka seene…(12)
- -jarreen warra sadii keessa tokko shugguxii gurratti qabee…(16)
- -konkolaataan gara Finfinneetti adeemu tokko…(21)

Dhaamjechi hortee xiyyeeffannoo armaan olii asoosamicha keessatti kan argaman yoo ta'u, barreessaan yaada isaa caalaatti dubbisaa hubachiisuuf yookiin ergaa cimaa fi hawwataa taasisuuf dhaamjechoota kanatti dhimma ba'eera. Kana malees dubbii asoosamicha keessaatti taasifame heedduu isaaf xiyyeeffannoo kennuun akka dubbisaan yaadaa fi qalbii gaariin dubbisu gochuu danda'eera. Kanaafuu haala kanaan akka cimina barreessaatti fudhannee darbuun ni danda'ama.

Walumaa galatti barreessaan gama dhaamjechoota horteetti haalaan fayyadameera. Kun immoo dhaamjechoota danoomsee, xiyyeeffannootti dhimma ba'ee, gama qooddatoota asoosamichaan saala isaanii dhaamjechoota horteetti fayyadamuun dhimma ba'eera. Kun immoo gama tajaajila isaaniin hojiirra oolchee asoosamicha miidhagsuun isaa akka ciminaatti ilaalama. Keessumattuu, heeddummeessuun namoonni fakkattota asoosamichaa akka adda baafatuu fi ergaa isaan dabarsan xiinxaluuf bu'aa buuseera.

### 4.3. Dhaamjecha uumamtee

Dhaamjechi uumamteen, gosa dhaamjechaa garee jechootaa tokko irraa, garee jechoota biroo uumuuti. Kanaafuu warra jechoota haaraa uumuudhaaf tajaajilaniidha. Isaanis maxxanfachuun garee isaanii jijjiiru.

#### 4.3.1 Maqaa qabatamaa irraa maqaa dhokataa uumuu

Asoosama dukkana barii jalaa keessatti barreessaan asoosamichaa maqaa qabatamaa irraa maqaa dhokataa garaa garaa uumuun asoosamicha keessatti dhimma itti ba'eera. Jechoonni kunneenis gabatee armaan gadii keessatti maqaa qabatamaa fi maqaa dhokataa umame agarsiifamee jira.

**Gabatee 1**

| Lakk | Maqaa qabatamaa | Maqaa dhokataa uumame | fuula | keeyyata |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Durba | Durbummaa | 8 | 3 |
| 2 | Mootii | Mootummaa | 12 | 3 |
| 3 | Dargaggeessa | Dargaggummaa | 20 | 3 |
| 4 | Mucaa | Mucummaa | 43 | 1 |
| 5 | Saba | Sabummaan | 54 | 2 |
| 6 | Fayyaa | Fayyummaan | 66 | 3 |
| 7 | Dhungoo | Dhungachuu | 81 | 3 |
| 8 | Nama | Namummaa | 81 | 2 |
| 9 | Ijoollee | Ijoollummaa | 48 | 2 |
| 10 | Waardiyyaa | Waardiyyummaa | 90 | 2 |

Barreessaan dhaamjechoota uumamtee fayyadamee, jechoota garaa garaan galmee jechoota adda addaa uumeera. Jechoonni uumaman immoo jechoota beekamaadha. Kana malees bifa kanaan osoo jechoota uumuu danda'uu jechoota bay'ee afaan biraa irraa ergifachuun immoo akka hanqina barreessichaatti ilaalamuu danda'a. Jechoonni kunneen armaan olii kun immoo fuula irratti ibsame qofaa osoo hin taane iddoo baay'eetti argama.

### 4.4. Fayyadama Jechootaa

Fayyadamni jechootaa ogbarruu keessatti bifa gara garaan kan mul'atudha. Kunis bifa idileen yookiin al idileen ta'uu danda'a. Jechoonni ogbarruun ittiin kalaqaman warra hiika dachaa

qabaatan ta’uu danda’a. Kanaafuu fayyadama jechootaa karaa adda addaan ibsuun ni danda’ama. Haata’u malee qorannoon kun kan irratti xiyyeeffatu fayyadama jechootaa asoosama “Dukkana barii jalaa” keessatti bal’inaan argamanidha. Isaan keessa jechoota barreessaan asoosama isaa keessatti dhimma itti ba’ee fi ergaa dabarsuu barbaade gurra dubbisaa biraan ga’e, jechoota tishoo, jechoota faallaa, jechoota ergisaa, jechoota loogaatti dhimma ba’uun xiyyeeffannoo hiikaa fi ergaa isaan dabarsuu barbaadan irratti hundaa’uun akka armaan gadiitti xiin xalamanii jiru.

### 4.4.1. Fayyadama jechoota Tishoo

Akka seera tishootti jechoonni jalqabaa sagalee gabaabaan xumurama yoo ta’e, sagaleen gabaabaan xumura jechichaa irratti haqamuun jechoonni lamaan walqabatu. Jechoonni tishoo asoosama dukkana barii jalaa keessaa, jechoota isaan walitti dhufuun uumaman waliin gabatee armaan gadii keessatti dhiyaatee jira.

**Gabatee 2**

| lakk | Jechoota tishooo | Jechoota isaan iraa uumaman | fuula | keeyyata |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Fuul-durri | Fuulaa fi durri | 7 | 1 |
| 2 | Seen-duubee | Seenaa fi duubee | 25 | 1 |
| 3 | Xiin-aadaa | Xiinxalaa fi aadaa | 36 | 3 |
| 4 | Laf-jala | Lafaa fi jala | 39 | 2 |
| 5 | Bilbil-sochiishee | Bilbilaa fi sochiishee | 48 | 1 |
| 6 | Jal-qabnaan | Jalaa fi qabnaan | 49 | 1 |
| 7 | Haal-duree | Haalaa fi duree | 61 | 1 |
| 8 | Waaq- maalumatti | Waaqaa fi maalumatti | 69 | 3 |
| 9 | Og-barruu | Ogumaa fi barruu | 70 | 3 |

Jechoonni gabatee armaan olii keessatti dhiyaatan tijechoota tishoo barreeessichi dhimma itti ba’uun asoosamicha barreessedha. Haaluma kanaan qaaccessi isaa akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

1. jechi **fuul-durri** jedhu [ fuula 7 keeyyata 1] jecha tishoodha. Jechi kun jechoota lama fuulaa fi durri kan jedhu irraa walitti kan dhufedha. Barreessichi waanta ibsuu barbaade san haalaan mul’isuuf jedhee jecha kanatti kan dhimma ba’eedha. Innis mooraa mana barnootaa dura namoonni heedduun jiraachuu isaanii yeroo ibsu jecha kanatti dhimma ba’e.

2. Jechi **Seenduubee** jedhu [fuula 25 fi keeyyata 1] jecha tishoodha. Jechi kun jecha lama seenaa fi duubee kan jedhutu walitti dhufuun kan uumamedha. Jechi kun kan dhimma itti ba'ameef, qooddataan Bariisaa haala jireenya isaa waan keessa darbe qooddattuu Leensaaf seenessuun kan dhimma itti ba'amedha.

3. **Xiin-aadaa** jechi jedhu [fuula 36 fi keeyyata 3] Jecha tishoodha. Jechi kun xiinxalaa fi aadaa jecha jedhutu walitti dhufuun jechicha kan uume yoo ta'u, kunis asoosamicha keessatti gosa barnootaa ibsuuf kan dhimma itti ba'amedha.

### 4.4.2. Fayyadama jechoota faallaa

Jechoonni faallaa jechoota hiika fuggisoo qabaniin yookiin waliif hiika hin taanedha. Sababni isaa dubbisaan asoosama sanaa yeroo waan tokko hubatu walbira qabeetu ilaala. kun immoo faallaa wanta sanaas hubachuun ergaa ogbarruu sanaa xiinxaluu, waan ibsuu barbaades haala sana keessatti hubachuu danda'a. Keessattuu ergaa dabarsuu barbaade barreessaan, dubbistoonni hiika isaa yoo wallaalan faallaa beekuu danda'u waan ta'eef, haala waliin deemaniin barreessuu qaba. Kanaafuu qalbii dubbisaa hawwatee ergaa isaa, haala kaayyoo isaa galmaan ga'uu fi dubbistoonni isaa gadi fageenyaan yookiin ergaa seenichaa hubachiisuu fi akka hin dagatamne suuraa sammuu namaatti kaasuu danda'a.

Haaluma kanaan itti fayyadamni jechoota faallaa kun asoosama "Dukkana barii jalaa" keessati kan argaman yoo ta'u akka armaan gadiitti xiinxala isaa waliin dhiyaatee jira.

1.Ta'us garuu karri lixaa fi bahaa tokko miti**.(7)**

2. Qalama diimaa, adii, gurraachaa fi kanneen kanneen hafan hundaan fuula booqqattee saree dhiiga dhugaa oolte of fakkeessiteetti.(20)

3 …Gamatti ce'uuf karaa dhabee, garanaa garasitti jooree nooraa barbaaduu eegale.(32)

4. ...Gajjallaa fi gararraan afaan itti banaa jira. (32)

6. ... Bitaa fi mirgaan natti dhufeera.(42)

7. Ishee dheertuu fi gabaabduu, Ishee diimtuu fi magaala, garraamii fi abshaala kan bira hin ga'in hin qabu.(81)

9. ...Bahaa dhihaa fi kaabaa kibbatti adda baba'a (88)

**Qaacceessa jechoota faallaa armaan olii.**

1. **Abdiin guutamaa abdii kutachuu; Gammadaa gadduun; Kolfaa bohuun hiree dhalli namaa addunyaa kanarratti qabu mitiiree?(38)**

Jechoonni fallaa walii ta'an kun asoosamicha keessaa kan fudhame yammuu ta'u, innis haala diinagdee walqatee jireenyi biyya lafaa kun warreen qaban gammachuun kan jiraatan yammuu ta'u, warri hin qabne immoo gaddaa fi boo'ichaan kan dabarsan ta'uu isaa nu hubachiisa. Walumaa galatti akka akka yaada kanarraa hubannutti jireenyi addunyaa kanaa mijataa akka hin taane ibsuu barbaadee barreessaan kun jechoota faallaa kanatti kan fayyadamedha. Biyya lafaa kanarratti osoo gammachuu qabaatanii gaddis keessa kan jiru ,akkasumas qabaachuu fi dhabuunis kan jiru ta'uu isaa irraa hubanna.

2. **Ishee dheertuu fi gabaabduu, Ishee diimtuu fi magaala, garraamii fi abshaala kan bira hin ga'in hin qabu.(81)**

Barreessaan kun jechoota fallaa kana fayyadamuun waa'ee nama hamaa/amala/ gaarii hin qabne tokkoo kan ibsedha. Akka ibsa barreessaa kanaatti waa'ee qooddataa Qajeelaa kan ibsu yoo ta'u, kan shamarraniif gara laafina kan hin qabne ta'uu isaa ibsuu barbaadee jecha kanatti dhimma ba'e. Innis shamarran amala isaan qaban hunda waliin kan jaallatu ta'uu isaati.

3**... Bitaa fi mirgaan natti dhufeera.(42)**

Akka asooasamicha irraa hubannutti yeroo bineensonni qooddattuu Leensaatti kallattii garaa garaan isheetti marsee jiru kan nu hubachiisudha. Akka yaada kanaatti jireenya biyya lafaa kana keessatti bu'aa ba'iin heedduun kan nama mudatuu fi dhalli namaa immoo jireenya hawaasummaa keessatti rakkina kana jalaa qolachuuf, walii galanii jiraachuu fi wal gargaaruun barbaachisaa ta'uu isaa ibsuu barbaadeeti.

### 4.4.3. Fayyadama Jechoota ergisaa

Jechoota ergisaa jechuun jechoota afaan tokko afaan biraa irraa fudhatee itti tajaajilamudha. Kana jechuun hawaasa afaan sana dubbatuun gama amantiin, siyaasaa, diinagdee fi hawaasummaa wal jijjiruuf ni tajaajila. Sababni afaan tokko afaan kan biraa irraa ergifatu yoo afaan isaa keessa wanta ibsuu barbaade sana jecha bakka bu'uuf dhabedha. Barreessaan tokko osoo jecha afaan isaa keessaa bakka bu'uufi danda'u qabuu yoo kan afaan biraa irraa kan ergifatu ta'e guddina afaan sanaaf dhiibbaa guddaa kan qabudha. Kunumaan walqabsiisee barreessitoonni oromoo osoo afaan oromoon jecha bakka bu'uu danda'u jiruu yeroo isaan jecha afaan biraa irraa ergifatan ni mul'atan. Kun immoo jechoonni afaan kana keessaa silaa bakka

bu’aa adeemuun guddina afaanichaa bakka barbaadame akka ga’u godhan, akka jechoonni kun badaa adeeman kan godhu fi jechoonni kun akka afaan biyya biraa ykn immoo saba biraan bakka bu’u kan godhudha. Waaltina afaanichaas kan danqudha. Barreessaan asoosama dukkana barii jalaa jechoota inni afaan biroo irraa ergifachuun itti fayyadame akka armaan gadiitti gabatee keessatti ibsamee jira.

**Gabatee 3**

| lakk | Jecha ergisaa | Afaan irraa ergifatame | Hiika jechichaa | Fuula | Keeyyata |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Hoteela | Afaan Ingiliffaa | Mana nyaataa | 8 | 1 |
| 2 | Geeddarame | Afaan amaaraa | Jijjiirame | 13 | 2 |
| 3 | Dabtara | Afaan amaaraa | Barruulee, meeshaa barnootaa | 20 | 1 |
| 4 | Gaxarii | Afaan amaaraa | Baadiyyaa | 20 | 2 |
| 5 | Dokteera | Afaan ingiliffaa | Ogeessa fayyaa | 23 | 1 |
| 6 | Antropology | Afaan ingiliffaa | Xiin-aadaa | 36 | 3 |
| 7 | Ikkoonomiksii | Afaan ingiliffaa | Qo’annoo diinagdee | 38 | 3 |
| 8 | Arragaaggaxuu | Afaan amaaraa | Adda baafachuu | 39 | 2 |
| 9 | Gireedii | Afaan ingiliffaa | Qabxii | 40 | 2 |
| 10 | Doormiitti | Afaan ingilifaa | Bakka ciisichaatti | 40 | 2 |
| 11 | Footoo | Afaan ingiliffaa | Suuraa | 60 | 2 |
| 12 | Silkii | Afaan amaaraa | Bilbila | 78 | 2 |
| 13 | Shufeerichaati | Afaan amaaraa | Konkolaachisichaati | 78 | 2 |
| 14 | Maayikii | Afaan amaaraa | Sagalee guddistuu | 84 | 2 |
| 15 | Imerjensii | Afaan ingilffaa | Ariifachiisaa | 85 | 2 |
| 16 | Sooshoolojii | Afaan ingiliffaa | Qorannoo hawaasaa | 87 | 3 |
| 17 | No! No! | Afaan ingiliffaa | Lakki! Lakki! | 89 | 3 |
| 18 | Sorry | Afaan ingiliffaa | Dhiifama | 90 | 1 |
| 19 | Ok | Afaan ingiliffaa | Tole | 90 | 1 |

Jechoonni gabatee armaan olii keessatti ibsamanii jiran barreessaan asoosamichaa afaanota biroo irraa ergifachuun kan dhimma itti ba’eedha. Haata’u malee jechoonni kun tokko tokko afaan oromoo keessaa jecha bakka bu’uu danda’an qabu. Jechoota afaan oromoo kana osoo fayyadame ta’ee, guddina afaan oromoof gaarii ture. Kana malees hubannoo dubbistootaaf ni

gargaara ture. Akka gabatee armaan olii irraa hubannutti barreessaan kun baayyinaan jechoota afaan ingilizii irraa ergifatamanitti dhimma kan ba'edha. Jechoonni afaan biraa irraa ergifataman kun sababoota garaa garaan gara afaan kanaa kan dhufanidha. Innis sababa barnootaa fi sababa hacuuccaan afaanii afaan oromoo irra turefidha. Jechoonni afaan afaan ingilizii iraa ergifataman baay'een isaanii karaa barnootaa gara afaan oromoo kan dhufe yammuu ta'u, jechoonni afaan amaaraa irraa ergifataman immoo hacuuccaa mootummoonni biyya kanaa afaan oromoo gadi xiqqeessuun afaan amaaraa immoo leellisuu isaanii iraan kan ka'e gara afaan kanaatti makame.

1. Jechi **'Hoteela'** jedhu [fuula 8 keeyyata 1] jecha ergisaati. Jechi kun kan ergifatame afaan ingilizii irraa yammuu ta'u, jechi kun afaan oromoon mana nyaataa jechuudha. Haa ta'u malee yeroo baayyee namoonni jecha mana nyaataa jedhu caalaa jecha hoteela jedhutti kan fayyadamanidha. Kanaaf, jechi kun dubbistootaaf jecha hubatamuu danda'udha. Haa ta'u malee barreessaan osoo jecha afaan oromootti fayyadame ta'ee, caalaatti guddina afaanichaaf bu'aa kan buusuu danda'uu fi jechichis uummata oromoo biratti kan beekamu ta'a.

2. jechi **'dabtaera'** jedhu [fuula 20 fi keeyyata 1] jecha ergisaati. Jechi kun afaan oromoon barruulee ykn meeshaa barnootaa jechuudha. Jechi kun hawaasa oromoo biratti heeddumminaan kan beekamu ta'ullee, barreessaan osoo jecha afaan oromoon bakka buusee itti fayyadame gaarii ture. Sababni isaas jechoonni afaan biraa irraa ergifatamanii hawaasa biratti beekamtii argatan gaafa afaan oromoon bakka bu'ee hawaasni irra deddeebiin jecha kana argee itti fayyadamu jechichi afaan oromootti madaquu danda'a.

3. '**Gaxarii'** jechi jedhu[fuula 60 keeyyata 2] irratti kan argamu jecha ergisaati. Jechi kun afaan amaaraa irraa kan ergifatame yoo ta'u, hiikni isaas baadiyyaa jechuudha. Barreessaan kun haala dubbii qooddatoota sana ergaa isaa bareechuuf kan dhimma itti ba'eedha malee, jechi kun yeroo baayyee akka arrabsootti kan ilaalamuudha. Haa ta'u malee haala galumsa jechichaatiin ergaa barbaachisaa ta'e dabarsuu danda'eera.

4. Jechi '**arragaaggaxuu'** jedhu[fuula 39 fi keeyyata 2] irratti kan argamu jecha ergisaati. Jechi kun afaan amaaraa irraa kan ergifatame yoo ta'u, hiikni isaasa adda baafachuu jechuudha. Barreessaan haala amalaa fi dubbii qooddattootaa dubbistootaaf ibsuu barbaade malee jechi kana afaan oromoo ergifatee hin jiru. Kana malees afaanicha keessatti beekamaa miti.

5. Jechi ‘**footoo’** jedhu{fuula 60 fi keeyyata 2} jecha ergisaati. Jechi kun afaan ingiliffaa irraa kan ergifatame yoo ta’u hiikni isaas suuraa jechuudha. Haa ta’u malee jechi kun afaan oromoo keessatti yeroo baay’ee ni dubbatama. Jecha suuraa isa afaan oromoon jennu caalaa hawaasa birattis ni beekama.

### 4.4.4. Fayyadama Jechoota loogaa

Loogni garaa garummaa haasaa dubbatoota afaan tokkoo gidduu tti mul’atudha. Dubbattoonn afaan tokkoo sababoota garaagaraa, kanneen akka lafa babal’ifannaa, sababa walirraa fageenya, fi kkf walirraa fagaatee jiraachuu kan danda’udha. Yeroo walirraa fagaatan kanatti afaan isaan dubbatan loogni isaanii garaa gara ta’uun ni mul’ata. Haa ta’u malee afaan tokko keessatti loogni yoo garaa gara ta’ellee, afaan garaa gara hin ta’in malee wal hubannaa hin dhorku. Afaan oromoo akkuma afaanota biroo looga garaa garaa qaba. Sababni garaa garummaa loogaa kunis uummatni oromoo ummata heeddummina qabuu fi lafa bal’aa qabatee jirudha. Sababa kanaaf uummatni kun walirraa fagaatee kan jiraatuu fi loogni isaas bakka bakkatti akka garaa gara ta’u ta’e. Haaluma kanaan asoosama dukkana barii jalaa keessatti loogni heedduun kan argamau yammuu ta’u, loogawwan kitaabicha keessatti argamanii fi bakka isaan itti dubbataman gabatee armaan gadii keessatti dhiyaatee jira.

**Gabatee 4**

| Jechoota loogaa | Sadarkaa sagalee | Sadarkaa jechaa | Looga inni keessaa fudhatame | Jechoota waaltawaa | fuula | keeyyata |
|---|---|---|---|---|---|---|
| Dayyawuuf | | ✓ | Wallaggaa | Diigamuuf | 1 | 1 |
| Arreede | | ✓ | Wallaggaa | Fiige | 1 | 1 |
| dalagamaa | | ✓ | Shawwaa | hojjetamaa | 12 | 1 |
| korokkodan | | ✓ | Wallaggaa | hidhan | 16 | 2 |
| Sokkan | | ✓ | Wallaggaa | deeman | 17 | 1 |
| Hiikfatu | | ✓ | Wallagga | saffisiifatu | 17 | 3 |
| Of shooluu | | ✓ | Wallaggaa | Of bareechuu | 20 | 3 |
| Cina kutte | | ✓ | Wallaggaa | Bira dabrte | 22 | 2 |
| Gamaluu | | ✓ | Wallaggaa | Walitti qabuu | 24 | 1 |
| dhorkatan | | ✓ | Wallaggga | Ittifatan | 29 | 3 |
| moogessiti | | ✓ | Wallaggaa | Garaa raasti | 30 | 3 |
| Kiyyaa? | ✓ | | Shawwaa | Kootii? | 39 | 2 |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| yuuyyesse | | ✓ | Wallaggaa | Sodaachise | 39 | 2 |
| Hooqubaa | | ✓ | Wallaggaa | Galata | 43 | 1 |
| Maxame | | ✓ | Wallaggaa | Itti dabalame | 47 | 2 |
| Jorgaate | | ✓ | Wallaggaa | Kufte | 47 | 2 |
| Qudoon | | ✓ | Wallaggaa | Gareen | 47 | 2 |
| Malalfachuuf | | ✓ | Wallaggaa | ajaa'ibsiifac-huuf | 48 | 3 |
| Macci | | ✓ | Wallagga | Hundi | 49 | 3 |
| Aduu | | ✓ | Wallaggaa | Guyyaa | 49 | 3 |
| Adiyyoo | | ✓ | Wallaggaa | Lafa Onaa | 50 | 2 |
| Ejjitu | | ✓ | Wallaggaa | Dhaabbattu | 50 | 2 |
| Abbale | | ✓ | Wallaggaa | Yaale | 51 | 2 |
| Dhaqatee | | ✓ | Wallaggaa | Geeffatee | 52 | 1 |
| Tara | | ✓ | Arsii | Darba | 69 | 2 |
| Soqachuu | | ✓ | Arsii | Barbaaddachuu | 74 | 2 |
| shoolamtee | | ✓ | Wallaggaa | Bareeddee | 89 | 2 |
| Hedama | | ✓ | wallaggaa | Fakkeeffama | 89 | 2 |

Jechoonni gabatee armaan olii keessatti dhiyaatan jechoota loogaati. Jechoonni kun baayyinaan looga ummata wallaggaa biratti beekamu yoo ta'u darbee darbee immoo loogni bakka biraas ni jira. Garuu akka walii galaatti barreessaan baayyinaan looga ummata wallaggaa biratti beekamutti kan dhimma ba'edha. Kana malees barreessaan looga sadarkaa jechaatti kan fayyadamedha. Qaacceessa loogawwan kanneenii akka itti aanutti dhiyaatanii jiru.

2. Jechi **'arreede'** jedhu [fuula 1 keeyyata1] irratti kan argamu jecha loogaati. Jechi kun wallaggaatti kan beekamu yoo ta'u, hiikni waaltawaan isaa immoo fiige jechuudha. Akka asoosamicha irraa hubannutti qooddataa Bariisaa yeroo intalli diimtuun tokko caaraatee waamtu, of duuba ilaalee dhabee garaa fuula duraatti adeemuu isaa ibsuuf jecha kan jecha kanatti fayyadame.

3. Jechi '**dalagamaa'** jedhu [fuula 12 keeyyata 1]irraatti barreessaan dhimma kan itti ba'e yoo ta'u jechichi looga shawwaatti beekamudha. Jechi waaltawaan isaa hojjetamaa kan jedhudha. Kunis asoosamicha keessatti akka ibsamee jirutti, yeroo qoddataan obbo Leencoo jedhamu

loltoota dargiin qabamee, waraanatti ergamuuf jedhutti inni immoo waan irratti ta’aa jiru kan beekne ta’uu isaa ibsuuf jecha kan dhimma itti ba’edha.

4. Jechi **‘ korokkodan’** jedhu[fuula 16 keeyyata 2] irratti kan argamu jecha loogaati. Loogni kun wallaggatti kan beekamudha. Jechi kun jechi waaltawaan isaa hidhanii kan jedhudha. Akka ragaa asoosamichaa irraa argannutti, namoonni mana qooddattuu Dureetti deemanii saamuuf jecha wadaroon ishee hidhanii akka isaan saaman ibsuuf jecha kanatti fayyadame.

5. Jechi **‘cina kutte’** jedhu[ fuula 22 keeyyata 2] irraa jecha loogaati. Jechi kun jecha wallaggaatti beekamu yammuu ta’u, jechi waltawaa isaa bira dabarte jechuudha. Kunis akka asoosama kana keessatti ibsamee jirutti, qooddataan gaaddisaa jedhamu, qooddattuu Leensaa asoofsiisuuf barabaadee , isheen immoo yeroon natti ga’eera jettee yeroo isheen bira dabartu jecha kanatti kan dhimma ba’e.

6. Jech **‘hooqubaa’** jedhu [fuula 43 keeyyata1] jecha loogaati. Jechi kun Wallaggaatti kan beekamu yoo ta’u, hiikni waaltawaa jecha kanaa ‘ galata’ jechuudha. Jechi kun kan dhimma itti ba’amu yeroo waaqa galateeffatanidha. Kanas akka asoosamicha keessatti ibsamee jirutti qooddattuu Leensaatti yeroo bineensonni marsanii nyaachuuf ka’an erga harkaa baatee booda kan waaqa galateeffattedha.

### 4.5. Fayyadama Malleen dubbii

Malleen dubbii asoosama keessatti baay’ee barbaachisoo fi dubbisaan haala gaariin barruu barreeffame akka dubbisu kan taasisudha. Malleen dubbii kun baay’inaan asoosama keessatti dhimma itti haa ba’amu iyyuu malee hojiiwwan kalaqaa kanneen biroo keessattis ni fayyadamna. Malleen dubbii hojiiwwan kalaqaa fidhii fi miira namaa akka harkisan kan godhanidha. Malleen dubbii gosoota garaa garaatu jira. Isaanis : akkasaa, bakkasaa, nameessaa, arbeessuu, sob dhugaa/ eemitii fi kkf dha. malleen dubbii kunneen wal duraa duubaan akka armaan gadiitti qaacceffamqanii jiru.

#### 4.5.1. Fayyadama Akkasaa

Akkasaan malleen dubbii keessaa tokko ta’ee, wantoota uumamaan gargarta’an lama yaadaan, amalaan, gabaabinaan, dheerinaa fi kkf walbira qabee kan agarsiisudha. Akkasaa jechoota akkaa

fi fakkaata jedhan fayyadamuun kan ibsamudha. Mala dubbii akkasaa barreessaan kun itti fayyadame akka armaan gadiitti ibsamee jira.

**Gabatee 5**

| Lakk | Akkasaa | Dhimmaata waliin dorgo-Msiifaman | fuula | keeyyata |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Fedhiin namummaa ishee akka Bishaanii dhangala'aa jira. | Fedhii namummaashee fi Bishaan | 19 | 2 |
| 3 | Sagalee akka bilbilaa kalilchuun.. | Sagalee fi bilbila | 37 | 2 |
| 4 | Duumessi akka mullukkootti lafa uwwisee jiru,... | Duumessaa fi mullukkoo | 47 | 1 |
| 2 | Rifeensi mataashee akka muuj-jaa balbalaa... | Rifeensa Leensaa fi muujjaa | 22 | 1 |
| 5 | Rifeensi mataashee akka mara-ta abbaa gadaa mudhisheetti sagal naanna'a. | Rifeensa mataashee fi ma-rata abbaa gadaa | 48 | 3 |
| 6 | Isheen garuu akka jirma jigee lafatti hidditee dabarte. | Qooddattuu Leensaa fi Jirma jige | 51 | 3 |
| 7 | Akka qoraaniitti ammaree siree Irratti jorgaase. | Qooddattuu Daraartuu fi Qoraan | 58 | 1 |
| 8 | Bariisaanis akka culullee barris-ee miilla ishee irratti lafa dha'e. | Qooddataa Bariisaa fi culu-Llee | 65 | 2 |
| 9 | Sagaleen ishee akka ulullee kil-ilchi sun har'allee isatti dhaga'-ama. | Sagalee fi ulullee | 72 | 1 |
| 10 | Libsuu ijaa gidduutti nama akka Corofee narratti lafa dha'un arge. | Namaa fi culullee | 76 | 2 |
| 11 | …marummaansaa akka lafa Bonaa tarsa'e ture deebi'ee lalisuu jalqabe. | Qooddataa bariisaa fi Lafa bonaa | 77 | 2 |
| 12 | …akka gugee kaattee mootora biratti dhaamsite | Qooddattuu Daraartuu fi Gugee | 80 | 2 |

**1. …Fedhiin namummaa ishee akka bishaanii dhangala'aa jira. Kan jedhu [fuula 19 fi keeyyata 2 ]** akkasaadha. As ,keesstti qooddattuun Yeshii jaalala Bariisaan qabamtee yeroo gara mana isaa adeemtee, qayyabannaaf kaatu fedhiin namummaa ishee kan agarsiisuuf jedhee 'akka bishaanii' jedhee kan dhiyeesse. Jireenya hawaasummaa keessatti jalalli isa jalqabaa fi bu'uuraa kan ta'edha. Haata'u malee seeraan kan itti hin fayyadamne yoo ta'e balaa hamaaf nama saaxiluu

kan danda'udha. Jalala namaa akkasumaan arguu waan hin dandeenyeef barreessaan bishaan dhangala'aa jiruun walbira qabuun kan dhiyeessedha.

**2. …rifeensi mataashee akka muujjaa balbalaa saggoosheerra ciisu, bareedina uumamaan badhaafamte sana waan xiyyeeffachiisu fakkaata.** Kan jedhu [fuula 22 fi keeyyata 1] akkasaadha. Hima kana keessatti miidhagina mataa Leensaa ibsuuf jecha muujjaa balbalaan walbira qabee kan ibsedha. Akka yaada kanaatti bareedinni mataashee kan muujjaa balbalaatti fakkeesseef, muujjaan balbalaa kan baayyee miidhaginni isaa nama hawwaatu waan ta'eefi.

**3. …sagalee akka bilbilaa kililchuun, mee ol jedhii na ilaali suuraa koo laphee keetti kaafadhu! ani qubeelaa siif bituuf human hinqabu.** Kan jedhu[fuula 37 fi keeyyata 2] akkasaadha. As keessaatti miidhagina sagalee qooddattuu Leensaa jedhamtuu ibsuu barbaadee, sagalee bilbilaan wal bira qabuun kan dhiyeessedha. Sagalee bilbilaa akkuma gaafa iyyu bareedu sagaleen Leensaas akkuma sagalee bilbilaa kan miidhagu ta'uu isaa irraa hubanna.

### 4.5.2. Fayyadama Arbeessuu

Arbeessuun wanta tokko haala yaadameen olitti ol guddisanii dhiyeessuu jechuudha. Innis hanga waan tokko ittiin beekamuu olitti guddisanii dhiyeessuudha. Arbeesuu asoosama kana keessatti argaman gabatee armaan gadii keessatti dhiyaatanii jiru.

**Gabaree 6**

| Lakk | Arbeessuu | Dhimma arbeeffame | fuula | keeyyata |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Gaafa lafti bari'u ariitiin kaatee of shooluu eegalte. Dibata wanti jedhamu man'eetti hin hafne. | Dibata | 20 | 3 |
| 2 | Waggaan tokko fuuldura isheetti hafe Tulluu kiliimaanjaroo itti ta'e. | Waggaa tokko | 37 | 1 |
| 3 | Irreensaa hamma jirmaa ga'a. | Hirree | 52 | 1 |

**1. Gaafa lafti bari'u ariittiin kaatee of shooluu eegalte. Dibata wanti jedhamu man'eetti hin hafne.** Kan jedhu [fuula 20 keeyyata 3] Arbeessuudha. Himaa kana keessatti qooddattuun Yeshii dibata baay'ee dibachuun kan gara mana barnootaa deemtedha. Haa ta'u malee hamma isheen dibattee olitti ol guddisuun dibata wanti jedhamu man'eetti hin hafne jechuun arbeessuun dhiyeessee jira.

**2. Waggaan tokko fuuldura isheetti hafe tulluu kiliimaanjaaroo itti ta'e.** kan jedhu[fuula 37 fi keeyyata 1] Arbeessuudha. jecha kana keessatti dheerachuu waggaa tokkoo dheerina tulluu Kiliimaanjarootti fakkeessee kan dhiyeessedha. Qooddattuu Leensaatti yeroon Yuunivarsitii deemuu ishee waggaan tokko kan ishee hafu yoo ta'u haata'u malee jalallee ishee biraa hafuun immoo yerochi baay'ee jalaa dheerachuu ibsuuf, tulluu kiliimaan jarootti fakkeessee dhiyeesse.

**3. Irreensaa hamma jirmaa ga'a.** Kan jedhu [fuula 52 fi keeyyata 1] arbeessuudha. As kessatti guddina irree fi jirma wal bira qabee kan ibsedha. Guddina irree isaa ajaa'ibsiifachuuf jecha hamma jirmaa ga'a jechuun kan dhiyeessedha.

**4.5.3. Fayyadama Bakkasaa**

Bakkasaan gosoota malleen dubbii keessaa tokko ta'ee amala wanti tokko qabu kan biraaf, guutummaa guutuutti dabarsee kan kennudha. Asoosama kana keessatti gosoota bakkasaa argaman gabatee armaan gadii keessatti dhiyaatanii jiru.

**Gabatee 7**

| Lakk. | Bakkasaa/ iddeessa | Dhimmoota bakka wal bu'a-N | Fuula. | keeyyata |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Jireenyi dargaggummaa abidda saafaadha. | Jireenya dargaggummaa fi Abidda saafaa | 19 | 3 |
| 2 | ilmi abbaa hin fakkaanne diqaa-laadha | Ilmaa fi diqaalaa | 26 | 2 |
| 3 | Dubbiin Dhamaatuu Leensaaf Borqii gurraati. | Dubbii fi borqii gurraa | 41 | 2 |
| 4 | Qallinni mudhiishee leemmana Mudhii lagaa dhaabbatee jiruun Dorgoma | Qallina mudhii fi leemmana mudhii lagaa | 48 | 3 |
| 5 | Miillashee gogorrii sonaa gachi-Siisu sanarratti yeroo hundawa-daboo koomeeshee reebaa deemu uffachuu jaallatti | Miillaa fi gogorrii sonaa | 48 | 3 |
| 6 | Jireenyi addunyaa hundisaa Burreedhaa | Jireenya addunyaa fi burree | 56 | 2 |
| 7 | Namni maali? Namni moo ?eey-yee! Bulguu nama nyaatu. | Namaa fi bulguu | 59 | 4 |

**1. Jireenyi dargaggummaa jireenya saafaadha**. Kan jedhu[ fuula19 keeyyata 3 ] bakkasaa dha. Jecha kana keessatti jireenya dargaggummaa fi abidda saafaa walbira qabee kan ibsedha.

Haala guddina dhala namaa keessatti dargaggummaan baay'ee ulfaataadha. As keessattis jireenya dargagummaa gubaa akka abidda saafaa ta'uu isaa ibsamee jira. Kana jechuun jireenyi dargaggummaa amma keessa darbanitti ulfaataa ta'uu isaa kan mul'isudha.

2**. lmi abbaa hin fakkaanne diqaalaadha**.[ fuula 26 keeyyata 2 ]bakkasaadha. As keessaatti ilma abbaa hin fakkanne diqaalaa bakka buusuun kan dhiyeessedha. Dhalli namaa yoo xiqqaate amma abbaa isaa hojjechuu qaba yoo kan abbaa isaa gadi ta'u ta'e, hawaasa naannoo isaa fi saba isaa biratti tuffatamaa akka ta'e kan ibsudha.

3. **Dubbii dhaamaatuu Leensaaf borqii gurraati**.[41 keeyyata 2] bakkasaadha. Kunis dubbii Dhamaatuu borqii gurraan kan bakka buusedha. Kana jechuun dubbichi tuffatamaa ta'uu yookiin immoo dhageettii kan hin qabne ta'uu ibsuu barbaadeti. Namni tokko dubbii bu'aa buusuu hin dandeenye kan dubbatu yoo ta'e, dubbiin isaa fudhatamummaa akka hin qabne ergaa dabarsa.

#### 4.5.6. Fayyadama Nameessuu

Nameessi akkuma boqonnaa lama keessatti kaasuuf yaalame wanta dhala namaa hin taane tokko gocha dhalli namaa raawwatu raawwachiisuun uumuudha. Kitaaba asoosamaa kana keessaa kan fudhatame gabatee armatee armaan gadii keessatti dhiyaatee jira.

**Gabatee 8**

| lakk | Nameessuu | Waan bakka namaa bu'e | fuula | keeyyata |
|---|---|---|---|---|
| **1** | Gaaf tokko Culullееn naacha gaanii keessatti argitee, ga-raan waaqaa hamman ga'a ? jettee gaafatte jedhama. Ye-roo kana raachi deebisee ha-mma afaan gaanii ga'a jedh-e jedhama. | Naachaa fi culullee | 39 | 1 |
| **2** | Malaan maltummaan waajj-Ira banattee dhimma ishee Geggeefftaa jirti yoo jenne dhara miti. | Malaan maltummaa | 61 | 2 |

**1. malaan maltummaan waajjira ishee banattee dhimma ishee geggeeffataa jirti yoo jedhamedhara miti [**fuula 61 fi keeyyarta 2] nameessuudha. As keessatti malaan maltummaan akka wanta inni gocha dhalli namaa raawwatu raawwachuu danda'utti yaadamee kan barreeffamedha. Kunis hojii wajjira keessaa kan hojjetu dhala namaa qofaa waan ta'eef

malaan maltummaagaruu akka waan gocha dhala namaa rawwachuu danda'uutti yaadamee kan barreeffamedha. Akka mala dubbii kana irraa hubannutti rakkoo dhabamuu bulchiinsa gaarii irraa kan ka'e, namoonni ogummaa tokkoof dandeettii qaban osoo jiranii mallaqa fudhachuun nama biraa qacaruun kan mul'atuu ta'uu isaa kan nu hubachiisudha.

**2. gaaf tokko culullee naacha gaanii keessatti argitee garaan waaqaa hammam ga'a? jettee gaafatte jedhama. Yeroo kana raachi deebisee amma afaan gaanii ga'a jedhe jedhama.** [fuula 39 fi keeyyata 1 ] nameessuudha**.** Nameessi armaan olii kun gosa afoola oromoo keessa sheekkoodha. Sheekkoon qooddataan isaa bineensotadha. Bineensota gocha namaa raawwachisuu fi akka namaatti akka dubbatan gochuutu keessatti mul'ata**.** As keessatti immoo yeroo culullee fi naachi waliin dubbii taasisan argina. Kana jechuun bineensonni kun gocha dhala namaa kan raawwatanidha malee, wantoota addunyaa kana keessa jiran keessaa kan afaan waliin dubbii qabu dhala namaa qofaadha.

### 4.5.7. Fayyadama Sobdhugaa/Eemiti

Sobdhugaan yookiin eemitiin dhimmoota si'a tokkootti sobas, dhuugaas jennee fudhachuu dandeenyudha. Gamtokkoon kan nama amansiisuu danda'u yoo ta'u gama kaaniin immoo dhimmoota mamii keessa nama galchan qabatee kan argamudha. Sob dhugaan asoosama dukkana barii jalaa keessatti argamu gbatee armaan gadii keessatti dhiyaateera.

**Gabatee 9**

| lakk | Sob dhugaa/ Eemitii | Yaadota nama amnsiisanii fi hin amansiisne | fuula | keeyyata |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Gimbii dhaqee namni hot-la Yeshii hin lixin ba'u hin jiru. | gabaa bayee qabaachuun dhugaa ta'uu danda'a, Nama gimbii dhaqe hundumatu seenaan soba. | 8 | 1 |
| 2 | Dibata wanti jedhamu Man'eetti hin hafne. | dibata bay'ee dibachuun ishee Nama amansiisa, dibata man'ee guutuu dibatteen nama hin am-ansiisu. | 20 | 3 |
| 3 | Miilli ishee gogorrii sonaa gachisiisa | Qal'inni miilla ishee nama amans-iisa amma kan gogorrii qal'ataan Soba. | 22 | 1 |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 4 | Mudhiin ishee soonsa bir-raa caalaa qal'ata | Qalliinni mudhiishee kan nama amansiisudha, garuu soonsa bi-rraa caaluun isaa nama hin am-ansiisu. | 22 | 1 |
| 5 | Rifeensi mataashee akka Marata abbaa gadaa mu-Dhiisheetti sagal naanna'a | Rifeensi ishee ,dheeraa ta'uun nama amnsiisa garuu mudhii isheetti sagal naanna'uusaa soba ta'uu danda'a | 48 | 3 |
| 6 | Balballi gadi deebisaan hu-<br>nduu waa'ee ishee dubba-tu. | Namoonni baay'een waa'ee ishee Dubbachuun nama amansiisa Namoonni hundi waa'ee ishee Dubbachuun nama hin amansiisu. | 62 | 1 |
| 7 | Gammachuun isaa har'aa Umurii isaa achi butuu hin oolu. | Baayyee gammaduun isaa nama ansiisa umuriisaa achi buta kan jedhu garuu nama hin amansiisu | 77 | 2 |

Gabatee armaan olii keessatti himoonni dhiyaatan wantoota gamlamaan hiikamuu danda'an , yookiin immoo si'uma tokkotti sobas dhugaas jennee hiikuu dandaeenyu yammuu ta'an qaacceessi isaanii akka itti aanutti dhiyaatanii jiru.

**1. Gimbii dhaqee namni hoteela Yeshii hin lixin ba'u hin jiru**.[fuula 8 keeyyata 1]Sob dhugaa/Eemitiidha. As keessatti gabaa hedduu qabaachuu hoteela Yeshii ibsuu kan barbaadedha. Haata'u malee jechi kun jechoota kallatti lamaan hiikamuu danda'an kan of keessatti qabatee jirudha. Innis gabaa baay'ee qabaachuun ishee waan dhugaa ta'uu kan danda'u yammuu ta'u, namoota hundatu seenaan garuu sobadha. Sababni isaa namni Gimbii dhaqee mana Yeshii hin beekne jiraachuu danda'a.

2. **Mudhiin ishee soonsa birraa caalaa qal'ata.** [fuula 22 keeyyata 1] Sob dhugaadha. Mudhiin ishee qal'achuun dhugaa ta'uu danda'a; garuu immoo namni mudhiin amma soonsaa qal'atu addunyaa kanarra hin jiru.

**3. Gammachuun isaa har'aa umurii isaa achi butuu hin oolu[**fuula 77keeyyata2 ] Sob dhugaa/ eemitiidha. Baay'ee gammaduun isaa kan nama amansiisu yoo ta'u umurii isaa achi butuu hin oolu kan jedhu garuu sobadha. Sababni isaa gammachuun guyyaa tokkoo umurii namaa dabaluu hin danda'u.

### 4.6. Fayyadama mammaaksaa

Mammaksi ergaa asoosama tokkoo jabeessuuf keessatti  ga'ee guddaa qaba. Dubbisaan akka inni miira gaariin dubbisu kan godhuu fi akkasumas afoolli oromoo akka inni keessaan mul'atuuf asoosamni ga'ee olaanaa qaba. Mammaaksonni asoosama dukkana barii jalaa keessaa fudhataman gabatee  armaan gadii keessatti dhiyaatanii jiru .

**Gabatee 10**

| lakk | mammaaksa | Dhaamsawwan inni dabarsu | fuula | keeyyata |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Walii galan alaa galan . | Yoo walii galan waan hundaa raa-wwaachuun ni danda'ama, kanaaf walii galteen barbaachisaadha. | 5 | 1 |
| 2 | Karaa fi alagaatu gargar nama baasa. | Namoonni waliin turanii sababa Karaan garaagara ta'een kan gar gar ba'anii fi alagaan walitti isaa-n naqxuuf kan gargar ba'an ta'uu nu hubachiisa. | 8 | 3 |
| 3 | maal haa baasuuf dhama raasu | Waan bu'aa buusuu hin dandee-nye duukaa dhama'uun akka hin barbaachifne kan ibsudha. | 8 | 4 |
| 4 | Gowwaan madda kee-ssa dhaabatee, bishaan dheebota. | Namni bu'aa waan tokkoo hin Beekne, osoo of harkaa qabuu Kan rakkatu ta'uun isaa ibsa. | 10 | 2 |
| 5 | Muraa ooluun guuraa ooluudha. | Namni waan tokko irra deddeeb-i'ee rawwatu rakkoo isa mudatu Jalaa ba'uun akka itti ulfaatu ergaa dabarsa. | 10 | 2 |
| 6 | Dhoksa fanxoo hin fayyisu. | Waan tokko nama doksuun qofaa duuka dhiphachuun ittuu rakkoo ammeessuu malee furmaata ta'uu akka hin dandeenye ibsa. | 15 | 1 |
| 7 | Sa'a abbaan gaanfa cabse ormi ija jaamsa. | Qabeenyi abbaa biratti kabaja hin qabne orma biratti immoo kan Kan caalaatti miidhamu ta'uu Isaa ibsa. | 15 | 3 |
| 8 | Anuu beekkataadha daakee keewwataadha | Osoo rakkoo nama mudatin dura fala isaa barbaaduun gaarii akka | 18 | 1 |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | jette jaartiin | ta'e ergaa dabarsa | | |
| 9 | Ollaan buluu beekaa akka itti bulu abbaatu beeka . | Namni rakkina mana namaa kee-ssaa namaaf kan hin beeknee fi akka waan itti tolee jiraatuutti ilaaluu isaa irraa hubanna. | 23 | 1 |
| 10 | Wal quba hin qabduu wal duuba laga deemti. | Kana jechuun namoonni waa'ee Walii hin beekne kan waliin jira-atan fi kan waliin hojjetan ta'uu nu hubachiisa. | 35 | 1 |
| 11 | Harka hanna bare dooluutu socho'a. | Amaleeffannan namaa kan nama hin dhiisne ta'uu isaa hubanna. | 38 | 3 |
| 12 | Ofii jettu minyaa'i yaa soogiddaa yookaan dhagaa jedhanii si gatuu | Waan tokko bu'aa isa irraa barb-aachusu buusuu yoo hin dande-nye fudhatama kan hinqabne ta'uu isaa nu hubachiisa. | 39 | 1 |
| 13 | Hiyyeessaaf maal daballu jennaan qeensaaf cittoo jedhan | Kana jechuun hiyyeessi sooressa biratti tuffatamaa ta'uu isaati. | 42 | 2 |
| 14 | Duuti biyyaa wajjinii irriba | Waan gaariinis ta'e, badaan yoo Biyyaa wajjiin ta'e rakkoo kan hin qabne ta'uu isaati | 73 | 3 |
| 15 | Kan darbe hin darbatan | dubbii darbe tokko deebisuun kan hin danda'amnedha. | 77 | 1 |

**1. Walii galan alaa galan** [ fuula 5 fi keeyyata 1]mammaaksadha. Mammaaksi kun ergaa guddaa kan dabrsudha. Innis namni walii gale waan hunda raawwachuu akka danda'u kan ibsuu fi walii galteen barbaachisaa ta'uu isaa kan barsiisudha. Jireenya hawaasummaa keessatti namni ollaa isaa waliin walii hin gallee, qofaa isaa jiraachuu kan hin dandeenyee fi walii galteen bu'uura jireenya dhala namaa kan ta'edha. Akkasumas namni walii galee hojii tokko irratti bobba'e milkaa'ummaa gaarii akka qabu ergaa dabarsa.

2. **Maal haa baasuuf dhama raasu** [fuula 8 fi keeyyata4] mammaaksadha. Mammaksi kun ergaa inni dabarsu waan bu'aa/faayidaa/ hin qabnee wajjin dhiphachuun akka hin barbaachifne kan ibsudha. Akka asoosamicha irraa hubannutti rakkoo diinagdeen walqabatee, Boonsaan

rakkina isaa yeroo inni Bariisaaf seenessu, Bariisaanis hiyyeessa akka isaa ta'uu ibsuuf mammaaksichatti kan dhimma ba'edha.

3. **Sa'a abbaan abbaan gaanfa cabse ormi ija jaamsa [**fuula 15 fi keeyyata 3] mammaaksa oromooti. Akkamammaaksa kanarraa hubannutti, dhalli namaa tokko jireenya isaa keessatti yoo qabeenya isaaf eegumsa taasisuu baate, ormi immoo kan jalaa mancaasuu fi qabeenyi isaa kun deebi'ee akka tajaajila hin kennine kan taasisudha. Akka asoosamicha irraa hubannutti, qooddataan Gurmeessaa jedhamu obboleessa isaa dabarsee akka waraana deemuuf ormatti kan kennedha. Kanaaf, immoo obboleessi isaa akka gadduu fi dadhabe ormi immoo isa caalaa akka miidhu kan nu hubachiisudha.

## 4.7. Jechoota dogoggora qubeessuu qaban

Hojii kalaqaa keessatti qubee afaanichaa eeganii barreessuun baay'ee barbaachisaadha. Haa ta'u malee ogbarruuwwan afaan oromoon barreeffaman hedduun isaanii haala qubeessuu isaa yoo ilaalle dogoggorawwan heedduun kan irraa mul'atanidha. Akka seera afaan oromootti immoo qubeen tokko itti dabalamuunis ta'e irraa hir'isuun hiika jecha sanaa jijjiruu irra darbee jechichi akka hiika dabu kan godhudha. Jechoonn dogoggora qubeessuu qaban kan asoosmicha keessatti argaman gabatee armaan gadii keessatti sirreeffamanii ka'amanii jira.

**Gabatee 10**

| lakk | Jecha dogoggora qubeessuu qabu | Jecha sirreeffamee bar-reeffame | Fuula | Keeyyata |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Hngalle | hin galle | 19 | 1 |
| 2 | hallyyaa | Hallayyaa | 21 | 2 |
| 3 | Margee | Maragee | 27 | 2 |
| 4 | iaalladukaa | Ilaalladhukaa | 40 | 2 |
| 5 | Girtu | Gortu | 45 | 2 |
| 6 | bodee | Booddee | 50 | 1 |
| 7 | Wliin | Waliin | 51 | 1 |
| 8 | o nyaachisaa | Of nyaachisaa | 51 | 3 |
| 9 | guyaa | Guyyaa | 57 | 2 |
| 10 | Yeoo | Yeroo | 59 | 2 |
| 11 | Dabree | Dabaree | 59 | 3 |
| 12 | Isheenn | Isheen | 60 | 1 |
| 13 | Haguma | Hanguma | 74 | 1 |
| 14 | Qadu | Qabdu | 75 | 1 |
| 15 | eessa | Keessa | 75 | 2 |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 16 | Jetteu | Jettu | 77 | 3 |
| 17 | Hinqbne | Hin qabne | 82 | 1 |
| 18 | Ofamnsiifte | Of amansiifte | 86 | 1 |
| 19 | Gyyaa | Guyya | 87 | 2 |
| 20 | Sadrkaa | Sadarkaa | 89 | 2 |
| 21 | waaqyyootiin | Waaqayyootiin | 91 | 1 |

Jechoonni gabatee armaan olii keessatti dhiyaate jechoota barreessaan asoosamichaa dogoggoraan barreessee itti fayyadamee fi akkataa isaan itti sirrachuu danda'aniin kan dhiyaate yammuu ta'u qaacceessi isaa immoo akka itti aanutti dhiyaatee kan jirudha.

**1**. Jechi **hngallee** jedhu [fuula 19 fi keeyyata 1] jecha dogoggoraati. Yeroo sirreeffamee barreeffamu; **hin galle** kan jedhudha. Jechi kun barreeffamicha keessatti akkataan inni itti barreeffamee jiru, "kan naaf hin hngalle boqonnaa lama; keessaa iyyuu wal hormaata namaa naaf ibsi" jette Kuulleen. Kan jedhudha. Akka jecha kana irraa hubannutti yoo barreeffama inni duuka gale irraa tilmaamame malee jechichi hubannoo dubbistootaa dhorkeera. Sababni isaa akka seera afaan oromootti dubbifaman sadii walitti aanee gallaan hiika hin kennu.

**2.** Jechi **hallyyaa** jedhu[ fuula 21fi keeyyata 2] jecha dogoggoraan barreeffamedha. Yeroo sirreessinee barreessinu **hallayyaa** kan jedhu ta'a. Jechi kun dubbisaaf hubatamuu dhiisuu danda'a. sababni isaa akka seera afaan oromootti qubeen dubbifamaa lamaa ol walitti aanee barreeffamu hin danda'u; hiikas kennuu hin danda'u.

**3**. Jechi **margee** jedhu [fuula 27 fi keeyyata 2] jecha dogoggoraan barreeffamedha. Jechi kun yeroo sirreeffamee barreeffamu **maragee** kan jedhudha. Jechoonni kun lamaan iyyuu hiika qabu, garuu barreessaan ergaa inni dabrsuu barbaade isa ittiin barreeffamee jiru osoo hin taane isa armaan olitti sirreeffamee jirudha. Sababni isaa afaan oromoo keessatti qubeen tokko hiika jijjiruu sababa danda'uuf qubeen irraa hir'achuu isaa irraan kan ka'e jechichi hiika jijjirrateera.

Walumaa galatti barreessichi jechoota dogoggoraa hedduu waliin kan maxxanse yammuu ta'u, dogoggorri kunis hubannoo dubbistootaa dhorkuu kan danda'u ta'uu isaatu irraa hubatama. Haata'u malee rakkoo kana kan barreessaadha jennee fudhannee darbuun nama rakkisa. Sababni isaa dogoggora mana maxxansaa ta'uu waan danda'uuf. Garuu immoo barreessaan osoo haala gaariin hin ilaalin dobbistootaaf dhiyeessuun isaa dogoggora isaati.

# BOQONNAA SHAN

## Cuunfaa, Goolabaa fi Yaada furmaataa

Wantoonni boqonnaa kana jalatti dhiyaatan dhimmoota qorannoo kana keessatti ilaalaman jalqabaa hanga xumuraatti bu'uureffata.

### 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun akka walii galaatti itti fayyadama afaanii asoosama "dukkana barii jalaa" jedhu ilaaluu irratti kan geggeeffame ta'ee, qabxiileen itti fayyadama afaaniin walqabatan tokko tokkos kaafamaniiru.

Qabxiilee qorannoo kanaa keessaa seensi kutaa isa jalqabaa qorannichaati. Kutaa jalqabaa kana keessatti seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa fi daangaan qorannichaa ibsamaniiru. Itti aansuun odeeffannoowwan itti fayyadama afaanii ilaalchisee gama sakatta'a barruu yaadrimee fi sakatta'a barruu wal fakkiin argaman ka'amaniiru. Boqonnaa sadaffaa keessatti immoo saxaxaa fi malawwan qorannichaa, saxaxa qorannichaa, madda ragaalee, meeshaalee funaansa ragaalee, sakatta'a dookimentii, mala iddatteessuu fi malli xiinxala ragaalee mataduree mala qorannoo jedhu jalatti dhiyaateera.

Mala qorannootti aansuun boqonnaa arfaffaa qorannoo kanaa keessatti, xiinxalli fayyadama afaanii asoosama "dukkana barii jalaa" taasifameera. Xiinxalli kutaa kana keessatti taasifames, jalqabaa hanga xumuraatti fakkeenya gabatee fayyadamuu dhaani. Boqonnaa kana keessatti haala fayyadama dhaamjechootaa keessaa dhaamjechoonni hortee fi uumamtee ibsamaniiru. Itti fayyadama jechootaa keessaa immoo jechoota ergisaa, jechoota loogaa, jechoonni hiika faallaa asoosamichi ittin fayyadame, ragaa asoosamicha keessa jiru bu'uureffachuun qaacceffamaniiru. Akkasumas malleen dubbii asoosamichi itti fayyadame kanneen akka akkasaa, bakkasaa, arbeessuu, nameessuu, sob dhugaa/eemitii, qaacceeffamaniiru. Kana malees afoola asoosamichi dhimma itti ba'e mammaaksi qaacceffameera.

Kutaa dhumaa kana keessatti immoo cuunfaa, goolaba, yaada furmaataa, wabilee fi dabaleen taasifaniiru.

## 5.2. Goolaba

Akka odeeffannoon qorannoo kan irraa argame akka ibsutti, asoosama "dukkana barii jalaa" jedhu keessatti rakkooleen gama itti fayyadama jechoota ergisaa, jechoota loogaa fi gama dogoggora qubeessuun kan mul'atu ta'uu isaa ibsa.

Fkn: gama itti fayyadama jechootaan yoo ilaalle jecha afaan oromoo keessaa dhimma tokko ibsuu danda'u osoo jiruu jecha ergisaa fayyadamuu fi jechoonni waaltawaan osoo jiranii jechoota loogaa naannoowwan garaa garaatti argamaniin tajaajilamuun rakkoo fayyadama afaanii asoosamicha keessatti mul'atanidha. Hanqinni kun immoo dubbistoonni ergaa/ yaada/ asoosamichaa haala gaariin akka hin hubanne taasisa.

Gama qubeessuun yoo ilaalle immoo asoosamicha keessatti darbee darbee seera qubeessuu afaanichaa ala ba'ee qubeessuun isaa ni mul'ata. Rakkoon kunis bakka tokko tokkotti dubbifamaa sadii walitti aansanii barreessuun ni mul'ata. Rakkoon kun immoo rakkoo mana maxxansaa yookiin immoo rakkoo hubannoo barreessaa ta'uu mala.

## 5.3. Yaada furmaataa

- Barreessitoonni oromoo yeroo ogbarruu barreessan seera afaanichaa eeguu irratti of eeggannoo gochuutu irraa eegama. Sababni isaa ogbarruun oromoo amma guddina irra jiru yoo seera afaanichaa irratti hin xiyyeeffatamu ta'e guddinni afaanichaa sadarkaa barbaadame irra ga'uu dhiisuu danda'a. Kana malees dubbistoonni wantoota isaan maxxansan sana bitanii dubbisuuf fedhii dhabuu danda'u.

- Barreessitoonni yeroo ammaa afaan oromoon kitaabilee, barruulee, asoosamootaa fi kkf maxxansaa jiran gama itti fayyadama afaaniin osoo looga beekamtiin isaa bakka muraasatti ta'e irraa osoo of qusatanii hanga danda'ametti afaan waaltawaa fayyadamani gaariidha. Sababni isaa dubbistoonni heedduun dubbisanii ergaa isaa akka hubatan kan taasisuu fi waaltina afaanichaaf bu'aa buusuu waan danda'uuf.

- Barreessitoonni ogbarruu barreessan jecha afaan oromoo keessaa bakka bu'uu danda'u osoo qabanii afaan biraa irraa ergifachuu irraa of qusachuu qabu. Afaan oromoo afaan jechootaan badhaadhaa waan ta'eef, hanga danda'ametti afaan oromootti fayyadamanii ogbarruu kalaquun baay'ee barbaachisaadha. Yoo kana ta'uu baate jechoonni afaan

oromoo keessaa bakka bu’uu malan keessaa badaa kan deeman ta’a. Jechoota afaan oromoo keessaa bakka bu’aa yoo deeme immoo afaan oromoo afaan saayinsii fi teekinoolojii ta’uu danda’a.

Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa: yaadrime qorannoo hujoo.* Finfinnee*:* efficiency printing press

_______________ .( 208). *Semmoo*. Finfinnee: oromiyaa

Anbassaa Hundee. (2003). " xiinxala fayyadama afaanii dirmammuu keessatti". kan hin maxxanfamne.

Ayyantuu Abraam. " xiinxala fayyadama afaanii asoosama Hiree jallatte keessatti". kan hin maxxanfamne.

Beekan Gulummaa. (2015). *Tujuba*.Finfinnee: oromiyaaa, Elleni P.P.L

Biiroo aadaa fi beeksisa oromiyaa gumii qormaata afaan oromoo. (1992). WIIRTUU. Jiildii 5ffaa. Finfinnee: mana maxxansaa artistikii

Fedhesaa Taaddasaa.(2018). *Bu'uuraalee ogbarruu oromoo*. Finfinnee: Ilsaba publishing

________________. (2013). *Asoosama dukkana barii jalaa* .Finfinnee: subi printing press

Getachoo Rabbirraa. (2008). *Furtuu.seerluuga afaan oromoo*. Finfinnee: Kurraz international publiush interprice

Jaarraa Wasanee fi Wasanee Bashaa. (2008). *Bantuu Haaraa*. Caaslugaa fi ogbarruu afaan oromoo. Finfinnee: Oromiyaa

O,Grady and dobrosvesky. (1996). *contemporary linguistics Analysis(thided).* University of colgory Canada.

Oliyaad Beenyaa.(2011). "xiinxala fayyadama afaanii Godaannisa keessatti" kan hin maxxanfamne

Qajeelcha qormaata afaan oromoo Biiroo aadaa fi tuurizimii oromiyaa. (1998). *Caasluga Afaan oromoo.* Finfinnee: oromiyaa

Shawaa.h. (1972). *Dictionary of literature Terms*. New York: MC Grawn Hill Book company. Harvard university press.

# Dabalee A

| Jecha ergisaa | Afaan irrraa ergifatame | Hiika jechichaa | fuula | keeyyata |
|---|---|---|---|---|
| Geeddarame | Afaan amaaraa | Jijjirame | 13 | 2 |
| Dokteera | Afaan ingiliffaa | Ogeessa fayyaa | 23 | 1 |
| Yuunivarsitii | Afaan ingiliffaa | Dhaabbilee barno-ota olaanoo | 31 | 3 |
| Anthropology | Afaan ingiliffaa | Xiin-aadaa | 36 | 3 |
| Beeta kiristaanii | Afaan amaaraa | Mana amantaa | 39 | 2 |
| Ikkoonomiksii | Afaan ingiliffaa | Qo’annoo diinagdee | 38 | 3 |
| Arragaaggaxuu | Afaan amaaraa | Adda baafachuu | 39 | 2 |
| Gireedii | Afaan ingiliffaa | Qabxii | 40 | 2 |
| Doormiitti | Afaan ingiliffaa | Bakka ciisichaatti | 40 | 2 |
| Lookerii | Afaan ingiliffaa | Saanduqa | 41 | 2 |
| Addis zaman | Afaan amaaraa | Bara haaraa | 57 | 3 |
| Footoo | Afaan ingiliffaa | Suuraa | 60 | 2 |
| Silkii | Afaan amaaraa | Bilbila | 78 | 2 |
| Shufeerichaati | Afaan amaaraa | Kankolaachisichaati | 78 | 2 |
| Maayikii | Afaan amaaraa | Sagalee guddistuu | 84 | 2 |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| Imerjensii | Afaan ingiliffaa | Ariifachiisaa | 85 | 2 |
| Soshooolojii | Afaan ingiliffaa | Qorannoo hawaasaa | 87 | 3 |
| No! no! | Afaan ingiliffaa | Lakki! Lakki! | 89 | 3 |
| Sorry | Afaan ingiliffaa | dhiifama | 90 | 1 |
| My mother ton-<br>Gue | Afaan ingiliffaa | Afaan dhalootaa<br>kooti | 90 | 1 |
| Ok | Afaan ingilizii | Tole | 90 | 1 |

Dabalee B

| Jechoota loogaa | Sadarkaa sagalee | Sadarkaa jechaa | Looga inni keessaa fudhatame | Jechoota waaltawaa | fuula | keeyyata |
|---|---|---|---|---|---|---|
| Dayyawuuf | | ✓ | Wallaggaa | Diigamuuf | 1 | 1 |
| Caraantee | | ✓ | Wallaggaa | Iyyitee | 1 | 1 |
| Sokkan | | ✓ | Wallaggaa | Deeman | 17 | 1 |
| Hiikfatu | | ✓ | Wallagga | Saffisiifatu | 17 | 3 |
| Of shooluu | | ✓ | Wallaggaa | Of bareechuu | 20 | 3 |
| Dingataa | | ✓ | Wallaggaa | Tasaa | 21 | 2 |
| Gamaluu | | ✓ | Wallaggaa | Walitti qabuu | 24 | 1 |
| Dhorkatan | | ✓ | Wallaggga | ittifatan | 29 | 3 |
| Kiyyaa? | ✓ | | Shawwaa | Kootii? | 39 | 2 |
| Maxame | | ✓ | Wallaggaa | Itti dabalame | 47 | 2 |
| Jorgaate | | ✓ | Wallaggaa | kufte | 47 | 2 |
| Qudoon | | ✓ | Wallaggaa | Gareen | 47 | 2 |
| Malalfachuuf | | ✓ | Wallaggaa | ajaa'ibsiifac-huuf | 48 | 3 |
| Macci | | ✓ | Wallaggaa | Hundi | 49 | 3 |
| Aduu | | ✓ | Wallaggaa | Guyyaa | 49 | 3 |
| Adiyyoo | | ✓ | Wallaggaa | Lafa Onaa | 50 | 2 |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| Ejjitu | | ✓ | Wallaggaa | Dhaabbattu | 50 | 2 |
| Abbale | | ✓ | Wallaggaa | Yaale | 51 | 2 |
| Dhaqatee | | ✓ | Wallaggaa | Geeffatee | 52 | 1 |
| Tara | | ✓ | Arsii | Darba | 69 | 2 |
| Soqachuu | | ✓ | Arsii | Barbaaddachuu | 74 | 2 |
| Mararaman | | ✓ | Wallaggaa | Gaddan | 77 | 3 |
| shoolamtee | | ✓ | Wallaggaa | Bareeddee | 89 | 2 |
| Hedama | | ✓ | wallaggaa | Fakkeeffama | 89 | 2 |

## Waraqaa mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaa fi mallattoon koo kanaan gaditti heerame kun waraqaan qorannoo koo kun hojii koo ta'uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuunivarsitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaannee, ta'uu isaa fi yaadawwan qorannoo kanaa dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

**Maqaa qorataa________________________________**

Mallattoo___________________

Guyyaa ____________________

**Maqaa Gorsaa________________________________**

Mallattoo __________________

Guyyaa____________________